

“Hojii Ministeerri Barnootaa qulqullina barnootaa fooyyessuuf raawwataa jiruun bu’aa gaariin galmaa’aa jira”

-Doktar Nagarii Leencoo

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Hojii Ministeerri Barnootaa bara darberraa eegalee qulqullina barnootaa fooyyessuuf taasisaa jiruun jijjiiramni gaariin mul’achaa jiraachuu Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataati, Koree Dhaabbii Dhimmoota Misooma Humna Namaa, Bobbii Hojiifi Teknolojii beeksise.

Walittiqabaan korichaa Doktor Nagarii Leencoo gaafdeebii dheengadda Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, Ministeerri Barnootaa rakkoon qulqullina barnootaafi naamuusaa hamaan manneen barnootaa sadarkaa gadiitii hanga olaanaatti mulatu qorannoon adda baase irratti hojjechaa jira. Hojii ministeerri qulqullina barnootaa fooyyessuuf bara darberraa kaasee raawwataa jiruun bu’aa jajjabeessaan galmaa’aa jira. Ministeerichi rakkoo qulqullina barnootaa sadarkaa kadiirraa kaasee hanga olaanaatti mul’ati furuudhaaf karoora tarsiimowaa baase irratti hojjechaa jira.

Gara fuula 14tti




Maamiltoota Dhuunfaatiif
Hir’itama % 31 Hanga
Tajaajila Intarneeetaa Abbaa Wadaro



Kaffaltii Qofaaf Miti ...
“Qulqullina barnootaa fooyyessuuf taasisaa jiruun bu’aa gaariin galmaa’aa jira”

Suurri: Iyyoob Tafarii

Suurri: Agaappee Giyooniin



Obbo Hayiluu Addunyaa

Oromiyaan qonnaan bulootaafi horsiise buloota kuma 25 gara investimantiitti ceesisuufi

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Mootummaan Naannoo Oromiyaa bara bajataa 2016tti qonnaan bulootaafi horsiise buloota kuma 25 gara investimantiitti ceesisuuf karoofatee hojjetaa jiraachuu Biiron Kominikeeshinii

Gara fuula 14tti

Bara bajataa 2015tti Hidha Haaroomsaa guddichaaf qarshiin biliyoona 1.4 walitti qabame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Bara bajataa 2015tti ijaarsa hidha haaroomsa guddicha Itoophiyaaf hirmaannaa ummataatiin qarshiin biliyooni 1.4 walitti qabamuu Waajjirri Qindeessaa Pirojektii Hidha Haaroomsa Itoophiyaa Guddichaa beeksise.

Waajjirichatti Ittaantuu Daarektaraa kan ta’an Aadde Fiqirtee Taammir ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, bara bajataa 2015tti hirmaannaa ummataatiin ijaarsa hidha kanaatiif gurgurtaa boondii biyya keessaatiin qarshii biliyoona 1.1, daayispoorarraa qarshii miliyoona 40.1, erga barreeffamoota gaggabaaboon qarshii miliyoona 146, kennaa garaagaraatiin qarshii miliyoona 113 walitti qabamuu ibsaniiru. Walumaagalatti erga hidhichi eegalamee hanga Caamsaa bara 2015tti qarshiin biliyoona 18.3 walitti qabameera.

Qaqqabummaa babal’isuufi hirmaannaa



Pirojektii hidha haaromsa guddichaa

hawaasaa dabaluuuf hojii magaalota gurguddoo 58 keessatti hojjetameen hirmaannaa ummanni milkaa’ina ijaarsa hidhichaaf taasisu dabaluu eeranii, maallaqni hirmaannaa hawaasaatiin bara kana walitti qabamees yeroo walfakkaatu

kan bara bajataa 2014 waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu fooyya’aa ta’uu ibsaniiru.

Bara kana nageenyi fooyya’aan jiraatus, rakkoon waldhabdee darbee darbee

Gara fuula 14tti

Haalli nageenyaa naannoo Amaaraa gara labsii yeroo atattamaa labsuutti ce’eera

fuula 2

BBOOn kitaabota miliyoona saddeet barattoota biraan gaheera

fuula 4

ODUU



“Dhageettii Itoophiyaan biyyoota alaa biratti qabdu dinagdeefi siyaasaa keessootiin murtaa’a”

-Doktar Diimaa Nagoo

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Dhageettii Itoophiyaan biyyoota alaa biratti qabdu haala guddina dinagdeefi siyaasa keessosheen kan murtaa’u ta’uu Hayyuun Siyaasaafi Miseensi Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa Doktor Diimaa Nagoo ibsan. Haala amma jiruun Itoophiyaaf miseensa gurmuu ‘BRICS’ ta’uurra warra Dhiyaa faana tarkaanfachuun filatamaadhas jedhaniiru.

Doktar Diimaan Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf akka ibsanitti, gurmuun sirna dinagdee Biraazil, Ruusiyaa, Indiyaa, Chaayinaafi Afrikaa Kibbaa (BRICS) gurmuu egeree malee kan waan hundumaa xumureefi of danda’e miti. Gurmuun kun dhiibbaa warra Dhihaarraas bilisa waan hintaaneef Itoophiyaan miseensa gurmuu kana ta’uufi ta’uu dhiisuunshaa hagas mara miidhaas ta’e faayidaa hinqabu.

Miseensa gamtaa kamii ta’uu caalaa dhageettiifi fudhatamni Itoophiyaan biyyoota alaa biratti qabdu guddina dinagdeesheefi siyaasa keessooratti waan hundaa’uufis sanaaf xiyyeeffannoo addaa kennuu qabdi jedhani; haala qabatamaa amma jiruun garuu Itoophiyaaf kan wayyu warra Dhihaa faana tarkaanfachu akka ta’es hubachiisaniiru.

Itoophiyaan guddina dinagdeen ta’uu baatus dhiibbaa siyaasaan addunyaarratti dhageettii qabaachaa turushee kan yaadachiisan Doktor Diimaan; 1960moota keessa sochii barattootaan walqabatee raafama siyaasaa biyyattii erga mudatee as dhageettii siyaasaa Itoophiyaan biyyoota biratti qabdu gad bu’aa dhufuu dubbataniiru.

Dhiibbaa biyyi tokko addunyaa keessatti qabdu sirna dinagdeefi siyaasa jabaarratti hundaa’a jedhani; gurmuu ‘BRICS’ kan taate Chaayinaan sirna dinagdee jabaa waan qabduuf doolaara Ameerikaa bira darbuun maallaqaa mataasheen Sawud Arabiyaarraa boba’aa galchuuf waliigalte

Gara fuula 14tti

Haalli nageenyaa naannoo Amaaraa gara labsii yeroo atattamaa labsuutti ce’eera

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Haalli nageenyaa naannoo Amaaraa yeroo ammaa to’annoo idilee ala ta’uusaan olaantummaa seeraa kabachiisuuf Manni Maree Ministeerota murtoo labsii yeroo atattamaa dabarsuuf dirqameera.

Manni marichaa walga’ii ariifachiisaa kaleessa taa’een qaamolee hidhannoon deeggaramanii nageenya naannichaa booressaa jiran seera kabachiisa idileen to’achuun waan hindanda’amneef labsiin yeroo atattamaa lakk.6/2015 akka labsamuuf sagalee guutuun dabarseera.

Sochiin qaamolee hidhataniin yeroo ammaa naannichatti taasifamu sochii hawaas dinagdee akkasumas olaantummaa seeraa balaarra buusuun alatti sirna siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa naannichaarratti miidhaa guddaa dhaqqabsiisaa jiraachuu manni marichaa hubachiiseera.

Mootummaan naannichaa miidhaa qaamoleen finxaaleeyyii naannichatti



Miseensoota mana maree ministirootaa

dhaqqabsiisaa jiran yeroodhaa gara yerootti hammaachaa dhufuusaa ibsee, miidhaafi haleellaa bifa qindaa’een taasifamaa jiru kana ta’achuun humnasaatii ol waan ta’eef mootummaan federaalaa bu’uura heera biyyattiin tarkaanfii nageenya

tasgabbeessuu akka fudhatu gaafateera.

Haaluma walfakkaatuun, manni marichaa wixineen dambii ofiin of bulchuu yunivarsiitii Finfinneerratti mari’achuun raggaasiseera.

“Hawaasni Diyaaspoora dhimma biyyaarratti ejjennoo waloo akka qabaataniif irratti hojjetamaa jira”

-Obbo Dammaqaa Nagaasaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Hawaasni Diyaaspoora akka kana duraa faallaa walii dhaabbachuu dhiisee dhimma biyyaarratti ejjennoo waloo akka qabaatu taasisuurratti hojjetamaa jiraachuufi gaaffii mana jireenya hawaasichaa furuuf mandarri dayaasporaa kan ijaaramu ta’uu Pirezidaantii Ittaanaan Waldaa Diyaaspoora Itoophiyaa Obbo Dammaqaa Nagaasaa himan.

Obbo Dammaqaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf akka ibsanitti, hoggansi haaraan hawaasa diyaaspooraan filatame kun kan hunda bakka bu’ee hawaasa kana loogii malee tajaajiludha. Hawaasni dayaasporaa dhimma biyyaarratti akka kana duraa faallaa walii dhaabbachuu dhiisee akka waltumsuuf sochiin eegalame milkaa’aa jira.

Marii hanga ammaatti taasifameen gurmuun dayaasporaa Waashingiteen Diisii ‘DC Gibrehayili’ kan jedhamu keessaa namootni gara walii galteetti dhufuu kan ibsan Obbo Dammaqaa, ijaarsa hawaasa diyaaspoora bifa haaraan eegalame hogganaa gurmuu kana kan turan bakka bu’aa waldaa dayaasporaa Itoophiyaa damee ‘DC’ taasisuu dubbataniiru. Gurmuun kunis mormuurraa gara deeggaruutti ce’uun hospitaala poolisii federaalaaf kompitaraa



hedduu arjoomuusaas himaniiru.

Akka Obbo Dammaqaa jedhaniitti, Waldaan Diyaaspoora Itoophiyaa aantummaa biyyaarraa kan hafe aantummaa siyaasaa, amantaafi sabummaa kamirraayyuu bilisa. Namni kamuu garaagarummaa ilaalchaa qabu qabatee dhimma waloorratti biyyaaf hojjechuuf daangaafi danqaan hinjiru. Mufii jiru moggaatti dhiisuun dhimma biyyaarratti tumsa walfakkaatu taasisuuf

bakka bu’ootni waldichaa Embaasiwwan Itoophiyaa biyyoota garagaraafi hawaasa diyaaspoora waliin marii taasisaa jira.

Hojimaata badaa hirmaannaafi fayyadamummaa hawaasa diyaaspoora gara boodaatti harkisaa ture sirreessuuf hojjiwwan bal’aan waggaa tokkoo oliif hojjetamaa jiraachuu himanii, waggaa tokko dura keessattuu ijaarsa hidhaa Laga Abbayyaan wal qabatee hirmaannaa ho’aa taasifameen sharafni alaa qarshii biliyoona torbaa olitti tilmaamamu gara biyyaatti ergamuusaafi bara darbe garuu hirmaannaan kun gad bu’uusaa yaadachiisaniiru.

Rakkoo hojimaataa hoggansa Waldaa Diyaaspoora Itoophiyaan walqabatee rakkoo gad bu’uu hirmaannaan hawaasa diyaaspoora mudate furuuf filannoo diimokiraatawaan hoggansi haaraan gara gaggeessummaatti dhufuu kaasanii; hojimaata waajjiraalee mootummaa hirmaannaafi fayyadamummaa gufachiisan hunderraa furuuf qaama dhimmi ilaalu waliin marii bal’aan taasifamaa jiras jedhaniiru.

Hawaasni Diyaaspoora Oromoos hirmaannaasaa cimsuun mirga fayyadamummaasaa akka mirkaneeffatuuf addatti waamicha dhiyeessaniiru.

Ijoo Dubbii

Dhugaa waloo, ariitiifi kalaqa

Tibba kana guyyoota shaniif hoggantoota olaanoofi giddugaleessaa naannoo Oromiyaaf leenjiin mata duree “Dhugaa waloo, ariitiifi kalaqa” jedhuun wiirtuuwan leenjii Magaalaa Adaamaa, Shaashamannee, Jimmaafi Naqamteetti kennamaa ture.

Xumura leenjichaarratti Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdisaa yaada fuula miidiyaa hawaasaasaanirratti kennaniin akka jedhanitti, Paartiin Badhaadhinaa, barnoonnifi leenjiin, hoggansaaf dandeettiifi gahuumsa kan dabaluu ta'uu hubachuun, guyyoota darban hoggansa aanaa, godina, magaalaa fi naannootiif leenjii kennaa tureera.

Hoggansi naannichaas beekumsaafi hidhannoo ogummaa haaraa leenjii kanaan horataniin caalmaatti ummataafi biyya isaanii tajaajiluuf kaka'uumsa akka horatan abdi olaanaan akka qabanis ni ibsu.

Leenjichis dandeettiifi ga'umsa siyaasaa kan cimsu, humna raawwachiisummaa kan dabaluu, qormaata akka biyyaatti jiruufi addunyaa irraa qunnamu gara carraatti jijjiiruuf kan qopheessu akkasumas, karoora xiiqii bara 2016 qabame ariitiifi kalaqaan dabaalani akka milkeessan kan isaan dandeessisu ta'u hirmaattoonni xumura leenjichaarratti yaada kennan ni dubbatu.

Kalaqaafi ariitiidhaan hojjachuudhaan imala badhaadhinaa dhugoomsuuf gaheesaanii akka ba'ataniifi imala badhaadhinaa dhugoomsuuf gaheesaanii adda durummaan akka ba'atan himu.

Akkuma beekamu yeroon kun yoomiyyuu caalaa humna guutuun xiiqii hojjetanii biyya jijjiiruuf yeroo itti hojjetamudha. Kanaaf ammoo hoggansi adda durummaadhaan ga'omee hojjetee hojjechiisu, kalaqa ummata keessa jiru hojiitti hiikuun ariitiidhaan hiyyummaarratti duulchisu jiraachuun dirqama.

Hoggansa akkanaa horachuuf ammo yeroo yerootti leenjiin akkuma tibba kana dandeettiisaanii cimsuufi haala qabatamaa yeroo isaan yaadachiisu qophaa'uun barbaachisaadha. Kana malees muuxannoo walii qooduuf carraawwan jiran adda baasuun dhugaa waloorratti waliin akka tumsaniifis carraa bal'aa uuma.

Hoggansi leenjii kanarratti hirmaate yommuu bakka hojiisaatti deebi'e akkuma jedhame ariiti olaanaadhaan hojjetootaafi kutaalee hawaasaa hunda kakaasuun imala badhaadhinaa eegalame fuulduratti tarkaanfachiisuuf of kennee hojjechuun irraa eegama. Leenjii qofti kuteenyummaa malee galma yaadame bira waan nama geesisuu hindandeenyeef hoggansi hunduu isa yeroo kamiyyuu caalaa of kennee socho'uun dirqama.

Mootummaanis leenjii kennuun cinaatti yeroo yeroon hordoffiifi to'annoo taasisuun bakka sirreefamni barbaachisutti sirreeffama taasisaa caasaasaa qulqulleessaa deemuun irra jiraata.

Dhimmi kun kan milkaa'u hojii mootummaafi hoggansi qofti hojjetaniin waan hintaaneeff hojjetoonni sadarkaan jiraniifi kutaalee hawaasaa addaddaas gahee irraa eegamu ba'achuuf of qopheessuu qabu. Yoo kana ta'e dhugaa waloo ariitiidhaan milkeessuun ni danda'ama.

Yaada

“Biddeen baatan malee; biddeenni nama hinbaatu”

Waasihun Takileetiin

Oromoon gaafa ilmaansaa eebbisu “dhalakoo biddeenni sihaabaatu” jedha. Biddeenni sihaabaatu jechuun maal jechuudha? jechuun keessan hin oolu. Oluma seenaa kunooti. Tibbana dhaabbilee barnoota olaanaa mootummaafi mitimootummaarraa barattoonni kumaatamaan lakkaa'aman eebbifamaa jiru.

Guyyaan eebba barattootaa kun maatiis ta'e barattoota eebbifaman biratti yeroo addaa ta'ee waan ilaalamuuf bifa ho'aa ta'een kabajama. Bifa ho'aan kabajamuu sirna eebba barattootaa kanaaf sababa kan ta'e dhamaateen waggoota dheeraa yeroo itti ija godhachuu jalqabu waan ta'eef gammachuu addaa firri walitti deemee waliif hirmaatuudha.

Lakkoofsi barattoota dhaabbilee barnoota olaanaa gara garaafi kolleejjotarraa eebbifamanii yeroorraa yerootti dabalaa dhufuun walqabatee humna mootummaa qofaan hunda duguuganii mindeessanii hojiitti bobbaasuun waan hindanda'amneef baay'inni namoota hojii barbaadaniin daran olaanaadha.

Hudhaa hojdhadummaa dargaggootaa kana furuuf sochii mootummaan taasisu cinaatti dhaabbileen miti-mootummaas tattaaffii guddaa gochuun eebbifamtoota hedduuf carraa hojii banaa kan jiran yoo ta'u. warreen hafanimmoo carraaqii mataasaaniin hadhaa jireenyaa dhandhamaa kufanii ka'anii daandii milkaa'inaatti kan bahanis tokko lama miti.

Hojidhadummaan akka biyyaattis ta'e akka addunyaatti babal'achuusaatiif sababa jedhamee qorannaan kan adda bahe keessaa inni tokko barsiifanni hojii tuffachuu isa tokko

Dhaloonni dhaabbilee barnoota olaanaarraa eebbifamu irri jireessi dhaabbilee mootummaa keessatti mindeeffamee yoo hojjeten ala ofii carraaqee hojii uummachuurratti amantaan jiru gadaanaadha. Kanamalees digiriin ykn dippiloomaan eebbifamee osoo hojii uummatee hojjechuu danda'uu kanneen hojii tuffachuun eeggattummaa jalatti kufaniifi matiisaaniifi ba'aa ta'an hedduudha.

Barsiifanni hojii tuffachuu kun yoo cabe malee hojjetanii of jijjiiruunis ta'e gara milkaa'inaatti ce'uun daran rakkisaadha. Isa kanaafimmoo fakkeenya kan nuu ta'u namoota jireenya gadadoo keessaa warraaqsa taasisuun kufanii ka'anii hojiilee gara garaa hojjechuun gara abbaa qabeenyummaatti ce'anii ofirra darbuun lammiisaaniif abdi jireenyaa ta'an ilaaluun gahaadha.

Har'a eebbifamuu qofti nama hingammachiisu. Erga eebbifamanii booda kallattii danda'ameen carraaqanii mul'ata ofii milkeeffachuun dadhabbi maatiin daa'imummaarraa kaasee hanga eebbaatti waliin dabarse qofa yaaduun barbaachisaadha.

Maatiin gaafa ilmoo godhatu mudannoo keessa jirurraa ka'ee maqaa itti moggaasa, fakkeenyaaf rakkina keessa jiru yoo ta'e boru guddattee ykn guddatee jireenya keenya jijjiira, gadadoo keessaa nu baasa jedhanii yoo yaadan soortuu ykn sooraa, Gaaddisee ykn Gaaddisaa jedhanii maqaa moggaasu.

Maqaan mogga'e kun egeree nama sanaaf mul'ataafi abjuu gaarii qabaachuurraa kan ka'e bakka maqaasaa akka gahuuf maatiin humna qabuun ilmaansaa gargaaruun eebbaaf geessisa.

Namni yoo kutatee hojjeten ala akka maqaasaa ta'uu, ta'uudhiisuus danda'a. Kanaaf sababa



kan ta'ummoo Sooraa ykn Soortuu jedhanii moggaasani akka maqaa ta'uu dhabuun tokko tokko hirkattummaa jalatti yoo kufan mul'atu. Kunimmoo dhalootas ta'e maatii kan gaddisiisu waan ta'eef takkaan akka maqaa keenyaa ta'uuf takkaanimmoo of dandeenyee hirkattummaa jalaa bahuuf barsiifata hojii keenyaa jijjiiruun murteessaadha.

Dhimmi kun maaliif ka'e jechuun keessan hinoolu. Magaalaa Finfinnee keessumaa naannawa Daalattiitti (Araat Kiiloo) namni bahe guyyaa guyyaatti eebbifamtoota beeksisa hojii dubbisan dhibbaan lakkaa'aman ilaaluun waan baratameedha. Achuma daandicharraa ganama obboroo dargaggoonni biddeena mataatti baatanii deemanis tokko lama miti.

Dargaggoonni kunniin biddeena mataatti baatanii mana nyaataarra deemanii gurguruun galii olaanaa argataa jiru. Kanneen mana nyaataa kaaffeewwan gara garaa keessa jirutti miindeeffamanii hojjetanis hedduudha.

Dargaggoota tokko lama itti siqee seenaasaanii gaafadheera. Dhaabbilee barnoota olaanaarraa digirii jalqabaatiin eebbifamanii mindaa xiqqoodhaan mana nyaataa keessa hojjetaa jiru. Bifuma kanaan mindeeffamanii hojii eegaluun qabsoo taasisaniin miindeeffamuu keessaa bahaniifi ofii mana nyaataa banatanii dinagdeedhaan kan of ijaaranis tokko lama miti.

Qabsoo dargaggoonni kunniin erga digiriidhaan eebbifamanii jireenya mo'achuuf taasisaa jiran ulfaataa ta'us bu'aa bahii hedduu keessa darbuun ofirra darbanii namoota biroof carraa hojii uumuu kandanda'anis hedduudha.

Milkaa'innisaanii kun dhaloota duuba jiruuf fakkeenya gaarii waan ta'eef aadaa hojii keenya jijjiiruun humnaafi beekumsa qabnuun carraaqnee dinagdee keenya fooyyessuuf of kenninee hojjechuun nurraa eegama.

Akkuma, “Biiptuu jirtu suksuku” jedhamu yeroo humna qabnuufi beekumsa qabnu kanatti hojii uummachuun, barsiifata hojii filachuurratti qabnu jijjiiruudhaan ofirra dabarree dadhabbi maatiitiif abdi ta'uuf haa hojjennu.

Biddeena baatan malee hiyyumni nu nyaachuusaati. Maatiitti ba'aa ta'uu waan ta'eef amalli tuffannaafi filannaa hojii hundeerraa geeddaramuu qaba.

Maatiin ijoolleesaa haala kanaan eebbisee daa'imummaarraa kaasee milkaa'inaaf geessisa. “Eebbifamtoonni бага gammaddan; milkaa'aa, abdi maatiifi biyyaa ta'aa, eeggattummaa seenaa taasisaa.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

Ei Ethiopian Press Agency

ODUU



Doktor Bultoosaa Hirko

BBOn kitaabota miliyoona saddeet barattoota biraan gaheera

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Biiron Barnoota Oromiyaa (BBO)n kitaabota sirna barnoota haaraa miliyoona saddeet maxxansiisuun barattoota kutaa tokkoffaa hanga saddeettaffaa baratan biraan ga'uufi kitaabonni miliyoona lama ammoo qophaa'anii jiraachuu beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Doktor Bultoosaa Hirko ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, biirichi kitaaba barataa imaammata barnootaa haaraarratti hundaa'ee maxxansiise barattoota biraan ga'uuf xiyyeffannoo addaatiin hojjechaa jira. Naannichatti kitaaba gosa barnootaa tokko barataa hunda biraan ga'uuf kitaabota miliyoona 70 maxxansuutu barbaachisa.

Marsaa duraatiin kitaaba hanganaa maxxansuun waan hindanda'anneef bara 2015tti giddu galeessaan kitaaba tokko barataa lamaaf kennuuf yaadamee kitaabonni miliyoona 35 maxxansuuf karoofame keessaa kitaaba miliyoona saddeet maxxansiisuun barattoota biraan ga'uufi kitaabonni miliyoona lama immoo maxxanfamanii qophaa'anii jiraachuus dubbataniiru.

Maxxansa kitaaba barataan walqabatee raawwiin hojii biirichaa gadaanaa ta'uu himanii, humna dhabuun manneen maxxansa biyyattii raawwii gadaanaa galmaa'e kanaaf sababa ta'u. Manneen maxxansaa biyya keessaa sababa rakkoo sharafa alaatiin humni maxxansuusaanii baay'ee gadi bu'aa waan ta'eef biirichi manneen maxxansaa dhuunfaa waliin hojjechuuf sochii garagaraa taasisaa jira. Dabalataanis manneen barnoota hunda keessatti barattootni kitaabota 'softi koppii'n akka argatan taasisuuf hojjetamaa jiraachuus himaniiru.

Kitaabni barnoota Gadaa tasuma kan hinmaxanfame kan jedhu olola sobaa ta'uu himanii, inumaayyuu kitaabni Gadaa kitaabota biroo caalaatti baay'inaan maxxanfamee barataa bira ga'uu eeraniiru.

Tumsi Baankiin Addunyaafi Mootummaa Jaappaan cimee itti fufa


Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Pirezidaantiin Baankii Addunyaafi Ajaayi Baangaafi Ministirri Haajaa Alaa Jaappaan Hayaashii Yoshiimaasaa daawwannaa tibbana Itoophiyaatti taasisaniin, biyyattii waliin walitti dhufeenyaa hojjechuufi tumsa walirraa hincitne taasisuuf waadaa seenaniiru.

Itoophiyaan torban tokkotti qondaaltota addunyaa murteessoo kunneen keessummeessuunshee duula maqa balleessii kaleessaa hanbisuun alatti guddina dinagdeefi hawwatummaa biyyatii olkaasuu keessatti shoorra guddaa qaba.

Qondaaltonni kunneen hojiiwwan misooma garaagaraa Itoophiyaa keessatti adeemsifamaa jiru dinqisiifachuun deeggarsa taasisan cimsanii ittifufuuf waadaa galuun dhimmoota garaagaraarratti Itoophiyaa waliin hojjechuuf murteessaniiru.

Dubartoota deeggarsa baankii addunyaan hojii uummatanii jireenyisaanii fooyya'e kan daawwatan Ajaay Baangaan, waan daawwatanitti gammadduu ibsanii, deeggarsi taasifamu cimee kan itti fufu ta'uu waadaa seenaniiru. Paarkii Industirii Boolee Lammii lama kan deeggarsa Baankii Addunyaan hojjetamee yeroo ammaa



Ajaayi Baangaafi Dooktar Abiyyi Ahmad

tajaajila kenna jirus Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad waliin erga daawwatanii booda mooraa paarkichaa keessa biqiltuu dhaabaniiru. Humna ibsaa Itoophiyaas daawwataniiru.

Haaluma walfakkaatuun Ministirri Haajaa Alaa Jaappaan Hayaashii Yoshiimaasaa marii Dooktar Abiyyi waliin taasisaniin, tattaaffii Itoophiyaan Kaaba biyyattii kan waraanaan hubamee ture deebisani ijaaruu

taasisaa jirtu Jaappaan kan tumsitu ta'uu ibsaniiru.

Jaappaan lammiilee Itoophiyaa waraanaafi hongeen miidhamaniif karaa dhaabbilee gargaarsa namootaa idil-addunyaa deeggarsa doolaara Ameerikaa miliyoona 24tti hiiqu taasiisuu yaadachiisanii, bara kanas gargaarsa namoomaaf kan oolu

Gara fuula 14tti

"Hojiin kalaqa yunivarsitichaa qaroomina Oromiyaa Lixaa haala calaqqisiisuun hojjetamaa jira"

-Doktor Lataa Tasfaayee

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Xiyyaara nama maleessa (diroonii) dabalatee bu'aaleen kalaqa garagaraa Unvarsitiin Dambi Dolloo kalaqa calaqqee qaroomina Oromiyaa Lixaa kaleessaa ta'uu pirezidaantiin yunivarsitichaa ibsan. Komii kanfaltii durgoofi hojiiwwan dabalataa ilaalchisee barsiisota biraa ka'us furuuf hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Pirezidaantiin yunivarsitichaa Doktor Lataa Tasfaayee Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennanin akka jedhanitti, bakki hundeeffama yunivarsitichaa; Oromiyaan Lixaa jalqabbii barumsa ammayyaa biyyaatiif wiirtuu ta'uun qaroomina kaleessaa, qulqullina barnootaa akkasumas fayyadamummaa hawaasa naannawichaa giddugaleeffachuun hojii hojjeten umrii gabaabaa keessatti beekamtii guddaa gonfateera. Kun ammoo jalqabbii barumsa ammayyaan walqabatee qaroomina kaleessa ture mul'isuuf shoorra mataasaa taphata.

Qaroominaafi dandeettii kalaqaa hawaasa keessa jiru gara yunivarsitichaatti fiduun akkasumas, namoota dandeettii kalaqa qabaniif leenjii dandeettii gabbisuu kennameen bu'aa olaanaan argamuu himanii, dhaloota jalaan dhufu qaruufti manni barumsaa modeela ta'eefi tajaajila wal'aansaa barbaadamu hawaasaaf kennu hospitaalli rifeeraalaa Dambi Dolloo



yunivarsitichaan hogganamaa jiraachuu yaadachiisanii.

Dirooniin muummee gabbisa teknoloji yunivarsitichaan hojjetameefi sadarkaa biyyaattii dinqisiifame fuulduratti akka biyyaatti gabaaf kan dhiyaatu ta'us omishaafi omishtummaa qonna godinichaa dabaluu farra aramaa biifurraa eegalee nageenya midhaanii to'achuufi hordofuu keessatti bal'inaan hojiirra oolchuuf sochiin taasifamaa jiraachuu eeru. Diroonni shiboo elektirikaa citeefi walitti bu'ee balaa ibiddaa uumu suphaniifi furmaata hatattamaa

laatan akkasuma nageenya magaalaa to'atanis kalaqamuusaanii ibsaniiru.

Kana malees, yunivarsitiin kun maashina haala salphaan nyaata beeyiladaa qopheessu, jenereetaroota saffisaan hojjetan, maashina halluu ibsaa mana keessaa to'atuufi bu'aqabeessummaa baajajii elektirikii dabalalan kan hawaasa naannawaa salphaatti tajaajilan kalaquu himanii, omishtummaa qonna dabaluufti sanyii filatamaa midhaaniifi beeyladaarratti qorannoo adeemsisuun dabalata sanyii qurxummii filatamaa horsiisuun qonnaan bulaa godinichaa raabsaa jiraachuu ibsu.

Haala nageenyaan walqabatee Doktor Lataan akka jedhanitti, yunivarsitichi namoota ilaalcha garagaraa qaban sadarkaa godinicharra darbee akka addunyaattuu kan tajaajilu waan ta'eef ija hamaan ilaalama amantaa jedhu hinqaban. Hundeefamni yunivarsitichaa gaaffii hawaasaa waggoota 50 oliin kan dhugoomedha. Kanumarraa ka'uun hawaasni godinichaa hawaasa yunivarsitichaan walta'uun akka dhalasaatti eegaafi kunuunsaa jira.

Komii kaffaltii durgoofi hojiiwwan dabalataa barsiisotni yunivarsitichaa kaasan ilaalchisee, komiichi sirrii ta'uufi taateen akkasiis darbee darbee kan mudatu ta'uu himanii, rakkinichis hanqina maallaqa callaa akka biyyaatti jiruun kan walqabatu akka ta'eefi rakkichatti furmaata laachuuf hojjetamaa jiraachuus ibsaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Adoolessa 29 Bara 2015



Birqee Gasee:
Shamarree qaxalee
hojii humnaa hojjechaa
Ingiliffaan qabxii 3.943
galmeessiste

fuula **11**



**“Qulqullina
barnootaa
fooyyessuuf
imaammata
barnootaa haaraa
ba’e sirriitti
hojiirra oolchuun
murteessaadha”**

- Doktor Nagarii Leencoo

fuula **6**



**Argannoowwan
haaraa seenaa
aartii dhagaarraafi
fakkiiwwan holqoota
keessaa**

fuula **10**



**Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin
Walta’uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha**

Qorannoo eegumsa naannawaarratti Oromiyaatti taasifame

Yeroo ammaa faalamni qilleensaa ajandaa guddaa addunyaa ta’uu irraa kan ka’e, dhimma xiyyeeffannoo qindoomina qamolee adda addaa barbaadudha. Sababni isaas, lubbuu dhala namaa karaa hedduun miidhaa jira. Akka addunyaatti dhibee-wan akka miidhama sirna hargansuu (respiratory infections), onnee (heart disease), kansarii sombaa (lung cancer), busaa, koleeraafi kkf, akkasumas rakkoowwan akka hongee, lolaa, fi kkf fiduun, waggaa’ti du’a namoota miliyoona lamaa oliif sababa akka ta’e barreeffamootni adda addaa ni mul’isu.

Kana irraa ka’uun addunyaan dhimmi eegumsa naannawaa dhimma iddoo jireenya dhala namaa kan taate dachee baraaruu itti fufiinsa jireenya sanyii dhala namaatiif hojii gurguddaa hojjachaa jirti. Raawwii Kanaaf kan gargaaran seeronni, imaammatoonnifi waliigalteewwan adda addaa sadarkaa addunyaa, ardii, biyyaafi naannootti bahanii hojiirra oolaa jiru.

Biyyi keenyas yeroo dhihoo as eegumsa naannawaaf ilaalcha addaa kennuun imaammata, labsiifi dambiiwwan eegumsa naannawaa baasun, mana hojii hundeesuun dhimmicha irratti hojjetaa jirti. Seerota eegumsa naannawaaf gahee guddaa qaban keessa tokko labsii to’annoo faalama naannawaafi labsii sakatta’iinsa dhiibbaa naannawaati. Akka labsiwwaan kanaatti piroojektootni mootummaa karoorfaman

kamuu osoo gara hojiitti hingalamiin dura sakatta’iinsa dhiibbaa naannawaa gaggeesuun dirqama akka ta’e tumameera.

Kanarraa ka’uun naannoon Oromiyaas dhimma kana irratti seerota malan baasuufi caasaa diriirfachuun hojjetaa jiraatus, hordoffiifi to’annoo yeroo yeroon gaggeessuun tarkaanfii fudhachuu irratti hanqinni kan jiru waan ta’eef rakkoowwan kanneeniif ammoo sababni guddaan qaamoleen dhimma naannawaa irratti hojjetaniifi qooda fudhatootni biroon hubannoon isaan seerota dhimma eegumsa naannawaarratti qaban laafaa ta’uu isaati.

Magaalonna yeroo ammaa guddina saffisaa irratti argaman qulqullinni isaanii haala itti eegamuu danda’u, dhaabbileefi namoonni dhuunfaa akkasumas manneen hojii mootummaa toora kana irratti hojjetan magaalonna osoo balfaan liqimfamarii bogaafi miidhagina uumamaa akkasumas namtolcheen qaban osoo hindhabiin dammaqinaan naannawaasaanii eeggataanii naannoo qulqulluu faalama irraa bilisa ta’e keessa akka jiraataniifi seeronni eegumsa naannawaa mirkaneessuuf bahan adeemsa hojiirraa oolmaa isaaniirratti rakkooleen mul’achaa kan jiran waan ta’eef eeruu aldilee, oduuwwan miidiyaafi odeeffannoowwan karaa adda addaa hawaasa irraa argameen dhaabbatichi dhimma kana irratti qorannoo kaka’umsa mataa ofiin akka gaggeessuuf sababa ka’umsaa ta’eera.

Qorannoo taasifame bu’uura godhachuunis hanqinoonni gama hojii eegumsa qulqullina naannawaatiin walqabatee mul’atan ilaalchisee dhimmoonni armaan gadii ilaalamaniiru. Qorannichis biirolee sadarkaa naannoo lamaafi bulchiinsa magaalota 10 irratti kan taasifamedha.

Hanqinoota Biiroo Misooma Magaalafi Manneenii Oromiyaafi Mana qopheessaa bulchiinsa magaalotaatiin mul’atan,

1. Iddoo gataatiin walqabatee

- Magaalota itti waamamni isaanii naannoof ta’an 19 keessaa iddoo gataa sadarkaa isaa eeggate kan qaban magaalaa Jimmaafi Bishooftuu qofa yoo ta’an kanneen hafan bakki gataa sadarkaa isaa eeggate hinqaban.
- Manni Qopheessaa balfa yeroon kaasu dhabuufi hanqinni geejjibaa balfi gogaan ittiin kaafamu jiraachuu,
- Iddoon gataa sadarkaa isaa eeggate akka jiraatuuf seektaralee dhimmi ilaallatu biratti hanqinni qindoominaa jiraachuu,

Ekn: Bulchiinsa Magaalaa, Waajjira Investimantii, daldala, fayyaa, lafa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannawaafi Waajjira Mana Qopheessaa gidduutti, waajjira lafa lafa dhimma kanaaf oolu qopheessuu, beenyaan akka kaffalamuufi lafichi gadi lakki-famu gochuu irratti, waajjiri bulchi-

insa magaalaa bajata dhimma kanaaf oolu qopheessuufi qabachuu irratti, waajjiri fayyaa deggarsa ogummaa dhimma kanarrattifi waajjiri investimantii yeroo eeyyama investimantii kennu dhimma qulqullina naannawaa jiddu galeessa godhachuu irratti hanqinni qindoominaafi waliin hojjechuu qaamolee kanaa jiraachuu isaa,

- Konkolaataan balfa daaku ammayyawaan sadarkaa magaalotaatti jiraachuu dhabuu,
- Qeeraawwan magaalota keessa jiran ammayyawaa kan hintaaneefi qulqullina naannawaarratti miidhaa fi-daa kan jiran ta’uu,
- Balfa qeeraa keessaa gadi dhiifamu irratti to’annoofi hordoffiin jiru hanga barbaadamu ta’uu dhabuu,
- Manneen foonii guutummaatti qalma qeeraatti fayyadamuu dhabuu,
- Bakkeewwan dhaabbileen qeeraa itti argaman walakkaa magaalaa ta’uufi mana jireenyaa hawaasaa waliin kan walmakee jiru ta’uu,
- Iddoowwan tokko tokkotti bakki gataa yeroo dallaa kan hinqabne waan ta’eef balfi achitti gatamu, gara lageenii, mana jireenyaafi ooyiruu qonnaan bultootaatti kan yaa’aa jiru ta’uuniifi dhimmoonni biroo qorannichaan kanneen adda baafamanidha.

KEESSUMMAA BARIISAA

“Qulqullina barnootaa fooyyessuuf imaammata barnootaa haaraa ba’e sirriitti hojiirra oolchuun murteessaadha”

-Doktar Nagarii Leencoo

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan Bariisaa torban kanaa Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatti, Walittiqabaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Misooma Humna Namaa, Bobbii Hojiifi Teknolojii kan ta’an Doktar Nagarii Leencooti.

Bariisaa: Bakka dhalootaa, barnootaafi muuxannoo hojii keessan utuu nuuf ibsitanii?

Doktar Nagarii: Naannoo Oromiyaa Godina Qellem Wallaggaa, Aanaa Daalle Waabaraa, Ganda Baadiyyaa Noolee Gabireel jedhamuttiin dhaladhe. Barnootakoo sadarkaa tokkoffaa kutaa Iffaa hanga 6ffaatti bakkuma dhalootakoo Mana Barnootaa Waleensuu, kutaa 7ffaafi 8ffaas ammoo Mana Barnootaa Qaaqeettin baradhe. Barnootakoo sadarkaa lammaffaa Mana Barnootaa beekamaa ‘Bethel Evangelical Secondary School’ (BESS) kan Magaalaa Dambi Dollootti argamuttiin baradhe.

Barnootakoo digirii jalqabaa Kollejii Barsiisotaa Kotobee kan yeroo ammaa Yunivarsitii Barnootaa Kotobee jedhamutti baradheen ‘English Language and Literature’n eebbifame. Digiriikoo jalqabaatti ‘Meejariin’koo Ingiliffaa yoo ta’u, ‘Maaynariin’koo ammoo Seenaaadha.

Digiriikoo lammaffaa ammoo Yunivarsitii ‘Hyderabad’ kan Hinditti argamutti baradheen ‘Mass Media and Communication’ dhaan eebbifame. Gara Miidiyaatti kanan dhufe digiriikoo lammaffaa booda. Digiriikoo sadaffaa Yunivarsitii ‘Andhra’ Hinditti argamutti baradheen ‘Journalism and Mass Communication’ niin eebbifame.

Waraqaan qo’annoo koo digirii sadaffaa ‘Gahee Miidiyaan misooma biyyaafi Dimokraasii dagaagsuu keessatti qabu maali? kan jedhurratti xiyyeeffata. Qo’annoo kana miidiyaa mootummaa sadarkaa federaalaafi naannooti jiraniifi miidiyaa dhuunfaa biyya keessa jiranirratti hundaa’een hojjedhe. Dhimma kanarratti yeroo garagaraa leenjii kennaas tureera.

Muuxannoo hojiin walqabatee digirii tokkoffaa akkuman xumureen Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Wallagga Bahaa Magaalaa Naqamteetti argamutti mindeffameen Ogeessa Qorannoo Afaaniifi Aadaa ta’ee waggaa lamaaf hojjedheera. Gareen wajjin hojjedhu waliin Aadaafi Afaan Oromooratti qorannoo saayinsaawaa adeemsisaan ture. Afoola Oromoos jaarsoliirraa qorachuun akka maxxanfamuuf ta’utti qindeessee barreessaan turre. Qorannoon guddinaafi dagaagina Afaan Oromooratti taasisaa ture bifa kitaabaan maxxanfameera. Barruuleen lamas maxxanfamaniiru; afur ammoo erga maxxansaaf ga’anii boodan barumsakoo digirii lammaffaaf Hindii deeme.

Barumsakoo digirii lammaffaa xumuree yeroon deebi’u, Biiroo Beeksisaafi Aadaa Oromiyaatti, gaazexeessaa ta’ee ji’a ja’aaf ergan hojjedheeboda, Yunivarsitii Finfinneetti miindeffamee koorsii gaazexeessummaa ‘Communication and Public Relation’ barsiisaan ture. Yunivarsitichatti, ‘Institute of Language Studies (ILS)’ti ittaanaa diinii ta’ees hojjedheera.

Yunivarsitii Finfinneetti ‘School of Journalism and Communication, Ethiopian Mass Media Training Insititute’ dabalatee of danda’ee yeroo inni jabaachaa dhufe garasitti jijjiirameen barsiiseera, ‘Graduate Program Coordinator’ fi diiniis ta’ee hojjedheera. Yeroon Yunivarsitii ‘School of Journalism and Communication’ barsiisaa ture digirii lammaffaan Gaazexeessummaafi Kominikeeshiniidhaan qofa kennamaa ture. Sagantaan digirii lammaffaa gargaarsa warra Noorwaayiyan baname kun utuu guddatee hinbabal’atin waggaa kudhaniif ture.

Bara 2008 gara hoggansa mana barumsichaatti akkuman dhufeen warra na faana hojjetan waliin ta’uun digirii lammaffaa Gaazexeessummaafi Kominikeeshinii sagantaa barumsa guyyaatiin qofa kennamaa ture sagantaa barumsa galgalaatiinis akka banamu taasifne. Bara jalqabaa barattoonni digirii lammaffaa sagantaa barumsa galgalaatiin barachuuf kan nuti yaadnee ol waan ta’aniif qormaata seensaatiin calallee barattoota 60 simannee barsiisuu jalqabne. Sagantichi barattoonni hedduun gaazexeessummaadhaan digirii lammaffaa akka barataniif carraa gaarii uumeera. Kun milkaa’ina guddaadha.

Sagantaa barnootaa damee kanaa babal’isuudhaan kollejii of danda’ee akka ta’uufshojji guddaahojjenneerra. Kariikulamii qopheessinee gaazexeessummaan digirii sadaffaatiinis akka jalqabu taasifneerra. Kun hojii milkaa’ina guddaa qabu ani Yunivarsitii Finfinneetti raawwadhe keessaa isa tokkoodha.

Sadaasa bara 2009 ammoo muudamee gara Ministira Kominikeeshinii Mootummaatti dhufee waggaa tokkoofi ji’a saddeeti hojjedheera. Erga mootummaan jijjiiramaa kun dhufe ammoo Hogganaa Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa ta’ees hojjedheera. Gabaabumatti barsiisaa, hogganaa kominikeeshinii mootummaa federaalaafi naannoo, walittiqabaafi miseensa boordii miidiyaafi yunivarsitii gara garaa ta’ee hojjedheera.

Walittiqabaafi miseensa boordii ‘EBC’ fi Yunivarsitii Dambi Dollooo ta’ee hojjedheera. Miseensa Boordii ‘Ethiopian News Agency’ fi Dhaabbata Raadiyoofi Televiizhiniin Oromiyaa kan yeroo ammaa ‘OBN’ jedhamuus ta’ee hojjedheera. Amma ammoo miseensa boordii Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa ta’een hojjechaa jira.

Waggoota sadan darbanii as Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatti, Walittiqabaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Haajaa Alaafi Nageenyaa ta’ee hojjedheera. Yeroo ammaa ammoo Walittiqabaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Misooma Humna Namaa, Bobbii Hojiifi Teknolojii ta’een hojjechaa jira.

Bariisaa: Koreen dhaabbii kun dhaabbilee federaalaa kamfaa to’ata ykn hordofa?

Doktar Nagarii: Korichi Ministeera Barnootaa, Ministeera Hojiifi Ogummaa, Ministeera Innoveeshiniifi Teknolojii, Komiishinii Siivil Sarvisiifi Akkaadaamii Hoggansa Hayyoota Afrikaa hordofa ykn to’ata. Sektaroonni kunneen misoomaafi guddina biyya tokkoof bu’uura waan ta’aniif qindoominaan waliin hojjechaa jiru. Teknolojiin hojiilee damee faayinaansii, barnootaafi hariiroo biyya alaarratti daran murteessaadha. Innoveeshiniifi Teknolojiin lafee dugdaa biyya tokkootti.

Barnoota sadarkaa gadiirraa kaasee hanga sadarkaa olaanaatti kan hogganu Ministeera Barnootaati. Yunivarsitiiwwan mootummaa 47, kan dhuunfaa shan, Yunivarsitii Kollejii dhuunfaa 10, kollejoota dhuunfaa 300 ol ta’an Ministeera Barnootaa jala jiru. Abbaan Taayitaa Barnootaafi Leenjii Itoophiyaa, Tajaajila Madaallii Barnootaafi Qormaataawwanii Ministeera Barnootaa jala jiru.

Ministeerri Hojiifi Ogummaas rakkoo hojdhaddummaa furuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Biyyi keenya nama baratee hojii hinqabneefi baratee hojjechuu hinndandeenye hedduu qabdi. Ministeerichi rakkoo hojdhaddummaa, baratani ba’anii dandeetiifi hojii dhabuu akkasumas beekumsa horatan hojiitti jijjiiruu dhabuu furuurrattis xiyyeeffatee hojjechaa jira. Ministeerichi namni barate tokko dandeetti hojjechuufi hojii ummachuufi beekumsa isaa hojiitti jijjiiruu akka danda’u taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Sektaroonni dhuunfaa Itoophiyaatti sadarkaa barbaachisuun waan hinbabal’aneef barattoonni yunivarsitiiwwan gara garaa irraa eebbifamanii barbaadan irra jireessi

hojii mootummaa barbaadu. Sirni barnootaa biyyattii dandeetti cimsuurratti xiyyeeffate kennamaa waan hinturreef hojjettoonni sektaroota mootummaa gara garaa keessatti miindeffaman hedduun ga’umsaan tajaajila barbaachisu kenna turan jechuu hindandeenyu.

Sektara mootummaa ammoo kan hogganu Komiishinii Siivil Sarvisiiti. Komiishiniichi mootummaa jijjiiramaa kana keessatti riifoormii geggeessuudhaan ergama guddaa itti kenname milkeessuuf hojjechaa jira. Sektaroota mootummaa keessatti bulchiinsi gaariin mirkanaa’ee ummanni tajaajila si’ataafi qulqullina qabu akka argatu taasisuurrattis xiyyeeffatee hojjechaa jira. Gama kanaan ammayyuu rakkooleen gurguddoon waan mul’ataniif gara fuulduraattis xiyyeeffannaa cimaan irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Korichi raawwii karoora hojii sektaroota armaan oliitti eeramanii kurmaana kurmaanaan ni hordofa. Dhugaa dubbachuuf taanaan raawwiin hojiisaanii sadarkaa fooyya’arra jira.

Bariisaa: Sochii Ministeerri Barnootaa qulqullina barnootaa fooyyessuuf taasisaa jiru akkamitti ibsama?

Doktar Nagarii: Ministeerri Barnootaa rakkoo qulqullina barnootaafi naamuusaa hamaan jiraachuu qorannoon adda baasee waggaa darberraa eegalee xiyyeeffannaan irratti hojjechaa jira. Rakkoo qulqullina barnootaa sadarkaa gadiirra kaasee hanga oliitti mul’atu furuudhaaf karoora tarsiimowaa baafatee karoora yeroo gabaabaa, giddugaleessaafi dheeraatiin furuuf hojjechaa jira. Bara darberraa eegalee qormaanni biyyaaleessaa kutaa 12ffaa yunivarsitiiwwan keessatti akka kennamu ta’eera.

Qormaatiichi yunivarsitii keessatti akka kennamu ta’uun hanna qormaataa hambisuun qulqullina barnootaa fooyyessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Haalli mijataan jiraatus jiraachuu baatus barataan qayyabatee qormaataaf akka of qopheessu taasiseera; barataan tokko barataa biraarratti hirkatee darbuus hambiseera.

Barattoota qormaata biyyaaleessaa kutaa 12ffaa bara darbe fudhatan keessaa kan qabxii seensa yunivarsitii argatan muraasa ta’uun barattootaafi barsiisotaafi ergaa guddaa dabarseera. Barattoonni qayyabatani qormaataaf akka qophaa’an

Gara fuula 7 tti



Suurri: Iyyoob Tafariitin

KEESSUMMAA BARIISAA

taasiseera. Ittifufanii jiraachuun barsiisotaa milkaa'ina barattootaarratti waan hundaa'uuf barattootasaanii qormaataaf qopheessuurratti akka xiyyeeffatan taasiseera. Hoggansi barnootaas akka of ilaaluufi galteewwan barnootaaf barbaachisan guutuurratti akka xiyyeeffatu taasiseera.

Gara fuulduraatti qormaanni biyyaalessaa kutaa 12ffaa meeshaaleefi teknoloji barbaachisu guutuun manneen barnootaa keessatti akka kennamuuf xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qaba. Manneen barnootaa baadiyyaa keessa jiranis hundi tajaajila humna ibsaafi intarneetii akka argatan taasisuunis dhimma xiyyeeffanna guddaa barbaaduudha.

Bariisaa: Qulqullinni barnootaa sadarkaa gadiirra kaasee akka eegamuuf Ministeerri Barnootaa maal hojjechaa jira?

Doktar Nagarii: Qulqullinni barnootaa sadarkaa gadiirraa eegalee akka fooyya'uuf Ministeerri Barnootaa imaammata barnootaa haaraa baasee hojiirra oolaa jira. Imaammatachi ministiriin kutaa 6ffaafi 8ffaatti akka kennamu, qormaanni biyyaalessaa kutaa 10ffaa hafee kutaa 12ffaa qofatti akka kennamu taasiseera. Barnoonni digirii tokkoffaa waggaa sadii ture waggaa afur akka ta'u taasiseera. Leenjii barsiisotaatiifis qophiin gara garaa taasifamaa jira. Kariikulamiin leenjii barsiisotaa ta'e sirni barnootaa haaraan ba'e hojiirra oolmaarratti hanqina qabaatus sochiin qulqullina barnootaa fooyyessuuf eegalame jijjiirama gaarii agarsiisaa jira.

Hojiin hoggansa barnootaafi barsiisota leenjiidhaan jijjiiruuf raawwatamaa jirus jalqabbii gaariidha. Kollejjooniifi yunivarsiitoni leenjii barsiisotaas ittigaafatamummaa guddaa itti kenname ga'umsaan akka ba'ataniif bajanni ga'aafi humni namaa ga'umsa qabu ramadamuufi qaba; galteewwan barbaachisanis guutamuufi qabu. Imaammata barnootaa haaraa bahe hojiirra oolchuurratti hanqinni waan jiruuf xiyyeeffannaan irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Qulqullinni barnootaa sadarkaa guddina dinagdeefi tasgabii siyaasa biyyaa waliin deema. Dinagdeen biyya tokkoo gad bu'aa yoo ta'e, qulqullinni barnootaas duukaa gad bu'a. Barumsa qulqullina qabu kennamu qaba. Leenjii qulqullina qabu kennuun ammoo bajata gahaa barbaada. Manneen barnootaas ulaagaa barbaachisu guutuu qabu.

Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa biyyattii keessa jiran keessaa % 85.9 sadarkaadhaa gad yoo ta'an, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessaa ammoo % 70.9 sadarkaadhaan gadi. Barsiisonni akaakuu barnootaa barsiisan qoramani darbuu dadhabanis danuudha. Kanaafuu hojiin qulqullina barnootaa mirkaneessuun oolmaa daa'immaniirraa eegalee irratti hojjetamuu qaba.

Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa biyyattii harki caalaan sadarkaa gad ta'uun qulqullina barnootaarratti dhiibbaa guddaa waan uumuuf sadarkaa manneen barnootaa fooyyessuufi galteewwan barbaachisan guutuun hojii xiyyeeffannaan olaanaa barbaaduudha. Waggoota muraasa keessatti hoggansa mootummaatiin manneen barnootaa sadarkaasaanii eeganiifi galteewwan barbaachisan guutaman ijaaruu dirqama ta'a.

Barana labiin dhaabbilee barnoota olaanaa hogganuuf gargaaru lama ragga'eera. Isaanis labii ofin of bulchuu yunivarsiitotaafi labii qindoomina BLTO, Dhaabbilee Qorannoofi Industiriiti. Labiiwwan kunneen barattooni



utuma yunivarsiitii baratanii dandeettii hojii uumuus horatanii akka bahaniif kan gargaaruudha.

Bariisaa: Yunivarsiitoni ofiin akka of bulchan ta'uun faayidaa akkamii qaba?

Doktar Nagarii: Yunivarsiitoni ofiin akka of bulchan taasisuun qulqullina barnootaa fooyyessuufi rakkoo barsiisonni yunivarsiitii faayidaa walqabsiisanii kaasan furuu keessatti gahee olaanaa qaba. Akkasumas, rakkoo walabummaa ogummaan walqabatee ka'u furuu, hoggansi yunivarsiitii walaba ta'ee galteewwan barbaachisan akka guuttatu taasisuu, beekumsasaa gurguree galiisaa akka guddifatu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kunis hojiilee barana raawwataman keessaa milkaa'ina guddaadha jennee fudhanna.

Bariisaa: Qormaanni bahiinsaa digirii tokkoffaa barana yunivarsiitiiwwan mootummaafi dhuunfaa keessatti jalqabe qulqullina barnootaa fooyyessuu keessatti faayidaa akkamii qaba?

Doktar Nagarii: Qormaanni bah'iinsaa yunivarsiitii duraan barnoota fayyaafi seeraa qofaan kennamaa ture barana barattooni yunivarsiitii mootummaafi dhuunfaa utuu hinjedhiin akka fudhatan ta'eera. Kunis qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaatti aansee qulqullina barnootaa mirkaneessuurratti jijjiirama guddaa fida jennee amanna.

Barattooni yunivarsiitii mootummaa keessatti milkaa'uu hindandeenyeefi carraa yunivarsiitii seenuu hinarganne yunivarsiitii dhuunfaatti baratanii digirii argatu. Yunivarsiitiiwwan mootummaa keessatti qabxii guddaan akka salphaatti hinargamu. Yunivarsiitiiwwan dhuunfaa baay'ee keessatti ammoo qabxii guddaa kennuun ni mul'ata. Kun qulqullina barnootaarrattis ta'e hojii argachuurrattis dhiibbaa olaanaa uumaa jira.

Barattooni yunivarsiitii mootummaatti baratan dandeettii qabaatanis qabxiin isaanii gad bu'aa waan ta'uuf ba'anii hojii dorgomuuf ni rakkatu. Qormaanni bah'iinsa yunivarsiitii rakkoo kana hambisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Ammaan booda dhaabbileen gita hojii duwwaarratti dorgomsiisan qabxii digirii qofa osoo hintaane qabxii qormaata ba'iinsaas ilaaluun dorgomsiisu.

Haala kanaan dura baratameen dhaabbileen tokko tokko ammoo barattoota yunivarsiitii mootummaarra ba'an qofarratti xiyyeeffachaa turan. Kun ammoo barattoota yunivarsiitii dhuunfaarraa ba'anirratti dhiibbaa uuma. Qormaati ba'iinsa yunivarsiitii barattoota

yunivarsiitii mootummaafi dhuunfaarraa ba'an qixa waan madaaluuf qulqullina barnootaa mirkaneessuufis ta'e carraa hojii ba'e qixa akka dorgoman kan taasisuudha. Barattooni qormaata ba'iinsaa darban sadarkaa biyyattis ta'e Afrikaatti dorgomuu ni danda'u.

Ammaan booda yunivarsiitii mootummaattis ta'e dhuunfaatti digirii lammaffaafi sadaffaa barachuuf qormaata seensaa sadarkaa biyyaatti ba'u darbuun dirqama ta'a. Yunivarsiitoni baay'een barattoota digirii lammaffaafi sadaffaa baratan qormaata seensaa kennaniifi simatanii yoo barsiisan, kaan ammoo qormaata seensaa malee simatanii barsiisaa jiru. Fakkeenyaaf Yunivarsiitii Finfinnee barattoota digirii lammaffaa sagantaa barumsa guyyaafi galgalaatiin baratan hundaaf qormaata seensaa kenneefi simatee barsiisa. Yunivarsiitoni mootummaa tokko tokko garuu dippartimantiin sun akka hincufamneef jecha qormaata malee barattoota simatanii barsiisaa jiru.

Yunivarsiitoni dhuunfaas barattoota digirii lammaffaa qormaata seensaa malee simatanii barsiisaa jiru. Kun qulqullina barnootaarratti dhiibbaa guddaa waan qabuuf qormaanni seensaa sadarkaa biyyaatti ba'u yunivarsiitota mootummaafi dhuunfaatti kennamu qaba.

Qulqullina barnootaa fooyyessuuf dhaabbilee barnoota dhuunfaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa utuu qulqullina barnootaa hineegiin maallaqa walitti qabanirratti tarkaanfiin seeraa fudhatamaa jira. Manneen barnootaa dhuunfaa tokko tokko imaammata barnootaa mootummaan baase baqachuuf jecha utuu ulaagaa barbaachisu hinguutiin maqaa 'International' jedhu maxxanfatanii hojjetanirratti qorannoo taasisuudhaan tarkaanfiin seeraa irratti fudhatamaa jira.

Qulqullina barnootaa fooyyessuuf imaammata barnootaa haaraa ba'esirriitti hojiirra oolchuun dhimma murteessaadha. Imaammataharratti hundaa'uun kariikulami barnootaa jijjiiruu, leenjii barsiisotaarratti xiyyeeffachuu, barsiisota dandeettii gahaa qaban horachuu, galteewwan barnootaa guutuun, sadarkaa manneen barnootaa fooyyessuun, sirna madaallii cimsuufi hordoffiifi to'annoo qulqullina barnootaa cimsuun dhimmoota gurguddoo xiyyeeffannoo olaanaan irratti hojjetamuu qabaniidha.

Ministeerri Barnootaafi Abbaan Taayitaa Barnootaafi Leenjii Federaalaas qajeelfama dhaabbileen barnoota olaanaa hojiirra oolchuu qaban baasuun qulqullina barnootaa fooyyessuurratti hojiilee gurguddoo raawwachaa jiru.

Bariisaa: Ga'ee barsiisonni qulqullina barnootaa fooyyessuu keessatti qaban akkamitti ibsama? Haalonni barsiisotaaf mijachuu qabanis maalfaadha?

Doktar Nagarii: Bariisaa dandeettii qabuufi qulqullina barnootaa eegisuurratti xiyyeeffatee hojjetu baay'inaan horachuun qulqullina barnootaa fooyyessuu keessatti gumaacha olaanaa qaba. Barsiisonni hojii qulqullina barnootaa fooyyessuurratti xiyyeeffatanii hojjechuuf faayidaa isaaniif malu argachuu, bakka isaaniif malu jiraachuu, mindaa isaan jiraachisu argachuu, mana keessa jiraatan argachuu qabu. Barsiisonni keenyaa faayidaa isaaniif malu argachaa waan hinjirreef haamileen isaanii gad bu'aadha.

Biyya keenyatti barsiisaan yunivarsiitii barattoota barsiisu wajjin waliin walddhibee baasiifi taaksiidhaan socho'a. Kun haamilee barattootaatiifis gaarii miti; akkas erga ta'ee maaliif baranna yaada jedhu isaan keessatti uuma waan ta'eef kun fooyya'uu qaba.

Barsiisaan yunivarsiitii hojii baruu barsiisuu, qorannoofi qo'annooratti xiyyeeffatee akka hojjetu taasisuuf yoo xiqqaate mana jireenyaafi geejjiba ittiin socho'u qabaachuu akka danda'uu gochuufi mindaa isaafi maatiisaa jirachisuu danda'u akka argatu gochuun barbaachisaadha. Bariisaarratti hojjechuu baannaan waa'ee qulqullina barnootaa yaaduun hindanda'amu. Isa kana jala murree beekuu qabna.

Bariisaa: Hojiin baruu barsiisuu rakkoo nageenyaatiin akka hingufanneef maaltu hojjetamuu qaba?

Doktar Nagarii: Nageenyi bu'uura guddina biyya tokkooti. Biyyi utuu waraana keessa jirtuu guddatte hinjirtu. Biyyi waraanaarra jirtu qabeenya guddaa misoomaaf oolu gara waraanaatti naannessiti. Biyyi tokko guddachuuf qabeenya uumamaa, qabeenya namaa, kaappitaala, teknolojiifi bulchiinsa gaarii qabaachuu qabdi. Isaan kunneen walqabatanii dinagdee biyyattii guddisuu kan danda'an yoo nageenyi jiraateedha.

Biyyi keenya rakkoo nageenyaatiin baay'ee miidhamteeti. Itoophiyaan bara Dargii waggoota 17f waraana keessa turte. Sababa kanaan maallaqni biyyattii harki caalu waraanaaf oolaa ture. Mootummaan ADWUs qarshii hedduu liqeffachuun biyyattii keessatti tasgabii uumuuf yaalus yeroo dheeraaf waraana waliiniifi Ertiraa waliiniirra ture. Dinagdeen Itoophiyaa yeroo dheeraadhaaf waraanaaf oolaa ture.

Utuu qabeenyi waraanaaf oolaa ture misooma damee barnootaafi fayyaatiif ooleera ta'ee jijjiirama guddaa fida ture. Waraanni waliinii kun lubbuu namaafi qabeenya guddaa barbadeessaa waan jiruuf mariidhaan furmaata argachuu qaba. Waggoota lamaan darban sababa waraana Kaaba Itoophiyaatti adeemsifamaa tureen Tigraay keessatti barattooni guutummaatti barnoota dhaabani jiru. Kun hundi rakkoo nageenyaafi waraanaatiin nutti dhufe waan ta'eef raawwannee waraana keessaa ba'uu qabna.

Rakkoo nageenya furuuf ammoo sirna dimokiraasii cimaa ta'e ijaaruun barbaachisaadha. Haqa kiyiyatu jallate kan jedhu hundi meeshaa waraanaatiin utuu hintaane karaa nagaafi mariitiin rakkoosaa furachuu danda'uu qaba. Kanaafuu sirni dimokiraasii hundumtuu gaaddisa tokko jala taa'ee itti mari'atu jiraachuu qaba.

Qaamni yeroo ammaa kutaalee biyyattii gara garaa keessatti meeshaa kaasee jiru hundi karaa nagaafi mariitiin rakkoosaa akka



hiikatu taasisuuf ammoo sirna dimokiraasii dagaagsuurratti hojii guddaan waan nu hafuuf xiyyeeffannaan irratti hojjechuu qabna. Biyyattiitti nageenya mirkanessuuf dhaloonni guddachaa jiru beekumsaan wal dhaggeeffatanii rakkoo furuutti amanuu qaba. Aadaa mariidhaan rakkoo furuu keenyaa guddifachuutu nurra jira.

Hanga sirni dimokiraasii hundumtuu gaaddisa tokko jala taa'ee mari'atu uumamutti haalli itti dhaabbileen siyaasaafi dhaabbileen hidhatanii jiran waliin mari'atanii rakkoo waliisaanii gidduu jiru itti furan uumamuu qaba. Waraana keessa turreerra; ammas itti fufnee waraanuu qabna kan jedhu nu hinbaasu. Nageenya sammuu keenya keessa jira. Nageenya sammuu keenya keessa jiru ammoo guddifachuu qabna.

Barsiisaan, barataan, qonnaan bulaan, daldalaan, hojjetaan mootummaafi hoggantoonni siyaasaa sammuusaanii keessatti nagaa guddisuu qabu. Yoo kana ta'e malee biyyattii keessatti rakkoo nageenyaa furuun, tasgabii siyaasaa fiduun, guddina dimokiraasiifi dinagdee biyyaa mirkanessuun hindanda'amu.

Bariisaa: Rakkoo bu'uraalee misoomaa keessumaa yunivarsitoota gara garaa keessatti mul'atu furuuf to'annoofi hordoffii korichi taasisaa jiru maal fakkaata?

Doktar Nagarii: Rakkoon bu'uraalee misoomaa hangisaa wal haacaalu malee yunivarsitiwwan biyyattii hunda keessatti ni mul'ata. Hanqinni doormii barattootaa, laabaraatorrii, mana kitaabaa, intarneetii, bishaanii, konkolaataawwanii yunivarsitiwwan hunda keessatti ni mul'ata. Yunivarsitiwwan biyyattii dhaloota tokkoffaa, lammaffaa, sadaffaafi afuraffaa jedhamanii bakka afuritti qoodamu. Rakkoon bu'uraalee misoomaa irra jireessaan yunivarsitiwwan dhaloota lammaffaa, sadaffaafi afuraffaa keessatti mul'ata.

Yunivarsitoonni dhaloota afuraffaa ta'anii akka yunivarsitiwwan sadarkaa tokkoffaatti sadarkaasaanii eeggatan kan akka Yunivarsitii Odaa Bultumiifi Yunivarsitii Qabiridahaar fudhachuun ni danda'ama. Akka waliigalaatti garuu yunivarsitoonni biyyattii hundi rakkoo bu'uraalee misoomaa ni qabu.

Yunivarsitiwwan keenya hedduun ijaarsa

pirojektootaa gurguddoo jalqabani jiru. Mana barsiisotaa sadarkaasaa eeggate ijaaraa kan jiranis jiru. Kun barsiisonni waggoota muraasaaf tasgabbaa'anii iddoo tokko taa'anii hojii baruufi barsiisuufi qo'annoofi qorannoo akka hojjetan taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Bulchiinsonni naannolee, godinaalee, aanaaleefi magaalotaa tokko tokko ammoo barsiisonni lafa mana jireenyaa akka argatan taasisaa jiru.

Rakkoo bu'uraalee misoomaafi lojistikii yunivarsitoota gara garaa keessatti mul'atan karoora yeroo gabaabaa, giddugeessaafi dheeraatiin furuuf kallattiin taa'ee hojjetamaa jira. Itiyoo-telekoomis hanqina intarneetii furuurratti yunivarsitoota waliin hojjechuu qaba. Hanqina kitaabaa furuuf barattoonni kitaabolee adda adda karaa 'online' akka argataniif yunivarsitoonni irratti hojjechuu qabu.

Bajanni nyaata barattootaa barsiisotaaf ramadamu baay'ee xiqqoo waan ta'eef nyaata dhiyeessuurratti rakkoo guddaa uumaa jira. Guyyaatti barataa tokkoof kan ramadame qarshii 22 qofa. Qaala'ina gatii biyyattii mudatee jirurraa ka'uun qarshii kanaan guyyaatti barattootaa nyaata alsadii dhiyeessuun ulfaataa waan ta'eef yunivarsitoonni bajata iddoo biraarraa naannessanii barattootaa nyaata dhiyeessaa jiru.

Kanarraa kan ka'ee odiitiroonni argannoo bajataa guddaa yunivarsitootarratti qabu. Korichi rakkoo bajata nyaata barattootaa ramadamu gahaa ta'uu dhabuu Ministeera Barnootaafi Ministeera Maallaqaatiif kaaseera. Rakkoon kun hanga furamutti argannoon bajataa sun hafuu hindanda'u. Bajanni barnootaaf ramadamu hinfooyya'u taanaan argannoon odiitiis itti fufa; qulqullina barnootaarrattis ta'e nageenyarrattis dhiibbaa ni uuma.

Rakkoon bajataa kun adeemsa keessa guutummaatti furamuu kan danda'u yeroo yunivarsitoonni ofiin of bulchuu jalqabaniidha. Yunivarsitoonni yeroo ofiin of bulchuu jalqaban galii, deggersa alaafi fandii gara garaa argataniin rakkoo bajataa kana keessaa ba'uufi faayidaa barsiisotaa eeguu ni danda'u.

Korichi yunivarsitoota mootummaa qofa utuu hintaane kan dhuunfaas to'achaafi hordofaa

jira. Yunivarsitoonni dhuunfaa bu'uraalee misoomaafi teknolojiwwan barbaachisan guuttataniifi qulqullina barnootaarrattis xiyyeeffatanii hojjetan ni jiru. Qormaanni ba'iinsaa kun yunivarsitiwwan dhuunfaa qulqullina barnootaatiif xiyyeeffannaan kennanii hojjechaa jiran adda baasaa jira.

Yunivarsitoonni dhuunfaa qulqullina barnootaa eegsisuuf hojjetan akkuma jiran kanneen hanqina naamusaa qaban, barsiisaa guutuu hinqabne, barumsa qulqullina qabu hinkennineefi galii walitti qabachuu qofaaf hojjetan waan jiraniif hordofuufi to'achuun tarkaanfiin irratti fudhatamaa jira.

Bariisaa: Bulchiinsaan walqabatee rakkoon yunivarsitoota keessatti mul'atu yoo jiraate?

Doktar Nagarii: Rakkoon bulchiinsaa yunivarsitoota baay'ee keessatti ni mul'ata. Yunivarsitiin dhaabbilee mootummaa federaalaa ta'anis kan godinaafi kan aanaati jedhanii warri yaadan jiru. Yunivarsitiin kan waliigalaati. Hogganaan yunivarsitii tokko ilaacha gandummaafi naannummaa keessaa ba'ee nama akka biyyaatti qofa utuu hintaane akka addunyaatti yaadu ta'uu qaba. Pirezidaantoonni yunivarsitoota biyyattii hedduun dhalataa naannawaa sanaati. Namoonni isa jala jiran hedduunis qabata pirezidaantichaatiin kan dhufaniidha.

Yunivarsitoonni keenya hedduun rakkoo bulchiinsa gaariifi hojmaataa waan qabaniif kana keessaa ba'uu qabu. Rakkoo gama kanaan mul'atu furuuf Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad Ministeera Barnootaa waliin ta'uun dhalataan naannoo tokkoo walittiqabaafi miseensa boordii yunivarsitoota naannicha keessatti argamuu akka hintaane taasisaa jiru. Kun rakkoo gandummaafi naannummaa bulchiinsa yunivarsitii keessatti mul'atu furuuf ni gargaara.

Yunivarsitiin nama dandeettii qabuufi akka biyyaafi addunyaatti yaaduun geggeeffamuu qaba. Rakkoon bulchiinsaafi hojmaataa yunivarsitoota hedduu keessatti mul'atu furamuu qaba. Hoggantoonniif barsiisonni barattoota yunivarsitii hunda ija tokkoon ilaaluu qabu. Kun ta'uu baannaan yunivarsitoonni keenya kufaafi diigamaa deemu.

Bariisaa: Hojiilee Ministeera Hojiifi Ogummaa bara darbe raawwachaa ture akkamitti ibsama?

Doktar Nagarii: Ministeerri kun rakkoo hojdhaddummaa bal'aa biyyattii keessa jiru furuuf hojjechaa jira. Maddi rakkoo hojdhaddummaa biyya keenyaa inni tokko dandeettii dhabuudha. Namni tokko yoo carraa qacaramee hojjechuu dhabe ofiisaatii hojii uumee hojjechuu danda'uu qaba. Ministeerichi riifoormii geggeessuun rakkoo hojdhaddummaa furuuf biyya keessaafi biyya alaatti carraa hojii bal'aa uumuuf hojii bu'a qabeessa raawwataa jira.

Namoonni hojii barbaachaaf gara biyya alaa deeman leenjii hojii akka argataniifi bakka deemanitti mirgisaanii akka eegamu, mindaansaaniifi boqonnaan isaani hangam akka ta'e hordofaa jira. Ejensii karaa seeraan alaa namoota gara biyya alaatti organirattis tarkaanfiin seeraa akka fudhatamu taasisaa jira. Barnoonni akka kabaja qabaatu kan taasisu kan barate yoo hojii argateedha. Barataanis hamilee gaariin barachuu kan danda'u yoo abdi hojii argachuu qabaateedha.

Ministeerri kun injinarota leenjisee gara biyya alaatti ergaa jira. Ministeerichi biyyoota alaa bakka gabaan humna namaa jiru hundumaatti hojjetoota leenjisee erguun ittigaafatamummaa itti kenname bahachaa jira. Mirga hojjetaa dhiibaa kan jiran ejentoota namoota qacarsiisaniini. Ejentoonni kunneen yeroo qacarsiisan %20 kan haala mijeessuuf

% 80 ammoo hojjetaaf jedhu. Iddoo tokko tokkotti garuu hojjetaan % 40 qofa argata. Hojjetoonni karaa ejentootaa qacaraman hedduun beekumsa gahaa waan hinqabneef mindaa xiqqaadhaan sa'aatii dheeraa boqonnaa malee hojjechaa jiru.

Ministeerichi ejentoota kunneen seeratti galchuudhaaf sochii cimaa taasisaa jiruun tokko tokkoratti tarkaanfiin seeraa fudhatee dhaabsisaa jira. Warshaaleen tokko tokkos hojii walfakkaaturatti dhiirotaafi dubartoota mindaa gara garaatiin qacaraa jiru. Biyya keenyatti hanga kaffaltii gadaanaan meeqa akka ta'e waanti beekamu waan hinjirreef warshaaleen adda addaa qarshii hanga barbaadaniin hojjetoota qacaraa jiru. Labsiin Hojjetaafi Hojjechiisaa kanaan dura ba'e keessatti hanga mindaa gadaanaa biyyattii ni murtaa'a waanti jedhu waan jiruuf gara fuulduraatti mindaa gadaanaadhaan nama qacaruun ni hafa.

Bariisaa: Riifoormii Komiishiniin Siivil Sarvisii geggeessaa jiruun bu'aan argamaa jiru akkamitti ilaalama?

Doktar Nagarii: Komiishiniin Siivil Sarvisii riifoormii cimaa geggeessaa jira. Waggaa tokko booda hojjetoonni mootummaa akka amma jiranitti ittifufuu dhiisuu danda'u. Faayidaan hojjetaan mootummaa argatus dandeettiirratti hundaa'ee fooyya'uu danda'a. Sirna dandeettii namaa madaaluu danda'u diriirsuudhaan hojjetaan mootummaa faayidaa maluuf argachuu akka danda'u taasisuurratti xiyyeeffatamee ni hojjetama.

Hojjetoota dandeettii qaban akka fayyadaman taasisuun karaa biraa ummata tajaajila isaanirra argatan fayyaduudha. Komiishinichi tajaajila dhaabbilee mootummaa rakkoo keessa galee jiru furuuf riifoormii geggeessaa jira; jalqabbiin riifoormichaas gaariidha.

Bariisaa: Hojiilee Ministeerri Innoveeshiniifi Teknolojii hojjechaa jiruhoo akkamitti ibsama?

Doktar Nagarii: Ministeerichi dargaggoota hojii kalaqaafi teknoloji adda addaarratti hirmaatan jajjabeessuuf Giddugalli Gabbisa Kalaqaa Magaalaa Buraayyuutti akka ijaaramu taasisseera. Giddugalli kun bakka dargaggoonni hojii kalaqaafi teknolojiisaanii itti gabbifataniidha. Ministeerichi dargaggoota yunivarsitiwwaniifi manneen barnootaaraa hojii kalaqaafi teknolojiitiin fakkeenyummaa qabu hojjetaniif yeroo gara garaa deggarsa maallaqaa taasisaafi jira. Teknolojiiwwan faayinaansiin biyyattii ittiin hogganamu ammayeessuufi hojiirra oolchuun guddina dinagdee biyya keenyaa deggaruu keessatti hojii milkaa'ina qabu raawwateera.

Bariisaa: Korichi hojii Akkaadaamiin Hoggansa Hayyoota Afrikaa bara darbe raawwate akkamitti ibsa?

Doktar Nagarii: Akkaadaamiin Hoggansa Hayyoota Afrikaa Magaalaa Sulultaatti argamu iddoo leenjiin hoggansa olaanaa itti kennamuudha. Ergamni Akkaadaamichaa hojjetoota mootummaa qofa utuu hintaane geggeessitoota sadarkaa Federaalaafi naannootti jiraniif leenjii ga'oomsu kennuudha. Rakkoo biyya keenyaa furuuf hoggansa hojii itti kenname ga'ummaan horachuun barbaachisaadha. Mootummaan namoota naamusaafi dandeettii qaban horachuudhaan rakkoo biyyattii furuurratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba. Mootummaan naamusaafi dandeettii hojjetootasaa fooyyessuuf yeroo yeroon leenjii kennuu qaba. Baranas leenjii baay'ee kenname kan ture yoo ta'u, sadarkaa Afrikaatti waan tajaajiluuf akkaataa itti cimuufti galii argachuu danda'urratti hojjechuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Ibsa bal'aa nuuf kennitaniif galatoomaa.

Doktar Nagarii: Isinis galatoomaa.

Abbaa Sa'aa



Obbo Shimallis Abdiisaa



Inisheetiivoota ruuzii, muuziifi boqqolloo



Inisheetiivoota ijoo damee qonnaa

Saamraawiit Girmaatiin

Mootummaan Itoophiyaa seenaa hiyyummaa biyyattiin barootaaf keessa turte keessaa baasee gara badhaadhinaatti fiduuf imala eegaleera. Keessumaa lafee dugdaa biyyattii kan ta'e qonna hundeedhaa jijjiiruun biyyattiin midhaan nyaataatiin of danda'uurra dabartee, omishawwan alaa galchitu dhiisuun ofii alatti ergitee sharafni alaa akka argamuuf xiyyeeffannaa olaanaadhaan erga hojjetamuu eegalee waggoonni sadii darbaniiru.

Akka Oromiyaattis kallattii ka'ame hordofuun hojilee jajjabeessoon hojjetamaa jiru. Inisheetiivoota ce'umsa dinagdee keenyaa 300 ol qorachiisuun hojiitti kan seene yoo ta'u, yeroo ammaa inisheetiivoonni qonnaa 28 hojiitti hiikamaniiru. Inisheetiiviiwwan qamadii, avookaadoo, ruuzii, muuziifi kkftiin bu'aa gaariin argamaa jira. Hojiiwwan kanneenis jilli Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa, Hogganaan Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuun durfamu tibbana godinaalee Oromiyaa addaddaatti argamuun daawwataniiru.

Inisheetiivii Qamadii

Badhaadhinnni waloo Itoophiyaa milkaa'uu kan danda'u saffisaafi qulqullinaan omishuun yoo danda'ame ta'uu kan himan Obbo Shimallis, kanaafis baay'ina akaakuu omishaafi alergii dabaluuft ganna kana lafa hektaara miliyoona 8.2 sanyii midhaan garagaraatiin uwwisuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu dubbatu.

Inisheetiivii haaraa omisha qamadiitiinis ganna kana qofa lafa hektaara miliyoona 2.2 sanyii qamadiitiin uwwisuuf hojjetamaa jiraachuu ibsanii, qonnaan bultootaafi ogeessoota milkaa'ina kanaaf gahee guddaa bahachaa jiran galateeffataniiru.

Akka ibsasaaniitti, qonna biyyattii jijjiiruuf daandiifi tooftaa kanaan dura ittiin hojjetamaa ture jijjiiru akka barbaachisu erga hubatameen booda inisheetiivoota haaraa garagaraa dinagdee qonnaa ceesisu danda'an bocuun hojiirra oolchamaa jira. Akkasumas qonna biyyattii qorannoofi teknolojiin yoo deggaramee karoora tarsimawaa gurguddoo gama qonnaatiin milkeessuuf qabatame; wabii nyaataa mirkaneessuu, carraa hojii bal'inaan uumuu, omisha alaa galan kan biyya keessan bakka buusuufi sharafa alaa maddisiisuu kan ittiin milkeessuun danda'amuudha.

Bara omishaa 2015, godinaalee Booranaa, Boorana Bahaa, Gujii, Gujii Lixaafi Baale Bahaatti lafa hektaara kuma 618 misooma qamadii arfaasaatiin uwwisuun danda'ameera. Hanga ammaatti lafa %86 irraa kan sassaabame yoo ta'u, callaan kuntaala miliyoona ja'atti dhiyaatu argamuu ibsu.

Inisheetiivii Muuzii

"Inisheetiivoota qonnaa yeroo dhihoo as hojiitti hiikaman keessaa, Inisheetiivii Misooma Muuzii Dikilaareeshiinii misoomaa Muuzii Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Iluu Galaanitti jalqabsiisne isa tokko. Inisheetiivii kanaan hojiin sanyii muuzii kanaan dura alaa galaa ture biyyuma keessatti baay'isuufi raabsuuf jalqabame bu'aa qabatamaa fidaa kan jiru yoo ta'u, yeroo ammaa inisheetiivii kanaan lafti hektaarii kuma sadii ol muuziidhaan misoomaa jira" jedhu Obbo Shimallis.

Inisheetiivii Ruuzii

Akka ibsa Obbo Shimallisitti, Dikilaareeshiinii Inisheetiivii Misooma Ruuzii Beddellee (Bedele Rice Development Initiative Declaration) akka inisheetiivii qonnaa dabalataatti labsameera. Kunis Godina Buunoo Beddellee, Aanaa Beddellee, Ganda Qollootti eegalameera.

Hoggansi jijjiiramaa, imala badhaadhinaa

qabame milkeessuuf hojii hojjechaa jiruun, wabii midhaan nyaataa mirkaneessuun dhimma ijoo ta'uu hubachuun, omishaalee baraman cinaatti, omisha haaraa ta'an jalqabuun isaa ni yaadatama. Kanneen keessaa tokko omisha ruuzii yoo ta'u, waggaa lama dura hektaara kuma ja'a jalqabuun yeroo ammaa hektaara miliyoona tokkorraan ga'uu himu. Raawwii kanaan ittifufuun bara omishaa 2016/17 irraa jalqabnee ruuzii biyyi keenya sharafa guddaan alaa galchitu guutummaatti kan hafu ta'uu eeru.

Inisheetiivii Boqqolloo

Sosochiin inisheetiivoota qonnaa jalqabaman hundi dinagdee baadiyyaa naannichaa gama wabii nyaata mirkaneessuu, omisha alaa galu biyyatti omishuun, alergii dabaluuft carraa hojii uumuun tiransiformeshiinii qonna biyyattii mirkaneessaa jiraachuu kan himan pirezidaantichi, barana akka naannooti lafa hektaara miliyoona 1.6 sanyii boqqolootiin uwwifamuu dubbatu.

Inisheetiivii Baala Shaayii

Jilli Obbo Geetuu Gammachuu Hogganaa Biiroo Qonna Oromiyaatiin durfamu tibbana Godina Iluu Abbaa Boor, Aanaa Halleetti biqiltuu baala shayee dhaabuun dargaggoota misooma baala shayerratti bobba'anii jiran jajjabeesseera. Inisheetiivii kanaan hojii jajjabeessaan hojjetamaa jiraachuu daawwatameera.

Barana biqiltuu baala shaayii miliyoona 3.4 qopheessuuf karoofamee biqiltuun miliyonni 4.1 qopheessuun hanga ammaatti biqiltuun miliyooni tokko dhaabbachuu himu. Misoomni baala shayee kanaan dura Godina Iluu Abbaa Booraa aanaa tokkotti misoomaa kan ture, bara darbe pirezidaantii naannichaatiin misoomicha babal'isuun qonnaan bultoonni akka fayyadamaniif inisheetiivii misooma baala shaayii labsuusaaniitiin yeroo ammaa godinaalee Oromiyaa afur; Iluu Abbaa Boor, Buunoo Beddellee,

Jimmaafi Qellam Wallaggaatti qonnaan bultoonni kilaastaraan misoomsaa jiraachuu eeru.

Kilaastara Dammaa

Jilli Obbo Geetuu Gammachuutiin durfame Godina Iluu Abbaa Boor, Aanaa Alleetti kilaastara dammaa daawwateera. Barana inisheetiivii misooma dammaa milkeessuuf gaagura ammayyaa kuma 345 qonnaan/horsiisee bultootaafi dargaggoota gurmaa'anii dhiheessuun dammi tooniin kuma 86 gabaaf dhihaachuu Obbo Geetuu ibsaniiru.

Akka Oromiyaatti bara 2016tti haala mijaawaa naannichi omisha dammaatiif qabu qabatamaan hojiirra oolchuuf dhiheessii gaagura ammayyaa gara miliyoona tokkootti guddisuun dammaa toonii kuma 113fi 921fi gagaa toonii kuma torbaafi 81 omishuun dinagdee misooma dammarraa omishootaafi biyya fayyadamaa taasisuuf karoofamee hojiitti galamuu Obbo Geetuu ni dubbatu.

Qonnaan bultoonni, dargaggoonniif waldaaleen IMX hojii boonsaa misooma dammaarratti hojjechaa jiraniif deggarsa ogeessiifi hoggansi sadarkaan jiran taasisaa jiraniif galateeffatani, galma omisha dammaa biyya alaatti baay'inaafi qulqullinaan erguuf qabame milkeessuuf caalaatti hojjetamuu akka qabus hubachiisu.

Daawwannicharratti bulchaan godinichaa Obbo Indaalkaachoo Tafarii akka ibsanitti, godinaaniitti barana gaagura ammayyaa kuma 29fi 36 raabsamuufi bara 2016tti immoo gaagura kuma 135 dhiyeessuuf hojjetamaa jiraachuu ibsu. Dargaggoonni waldaan gurmaa'anii dammaa kilaastaraan misoomsaa jiranis fayyadamoo ta'uufi damma qulqullinasaa eeganii alatti erguu jalqabuufi ammas kana caalaa misooma dammaa babal'isuuf muuxannoo qaban dargaggoota kaaniif qooduun akka hojiitti galaniif fakkeenya ta'aa akka jiran himu.

AADAIFI AARTII

Argannoowwan haaraa seenaa aartii dhagaarraafi fakkiwwan holqoota keessaa

Kutaa 3ffaa

Seenaa Duraa maali?

Yeroon fagoo darbe yeroo waraqa ykn afaan ykn jechi barreeffamaa hinjirre, sababuma kanaan kitaabonni ykn sanadni barreeffamaa hinjirre, bara Seenaa Duraa jedhamee waamama.

Namoonni Seenaa Duraa hanga hayyoonni iddoowwan Seenaa Duraa qotiinsa jalqabanitti akkamitti akka jiraatan hubachuun rakkisaa ture.

Odeeffannoo meeshaalee durii, bakka jireenyaa, lafee bineensotaafi namaa irraa argameefi fakkiwwan dallaa holqarratti kaafaman walitti makuun hayyoonni waa'ee waan ta'ee akkaataa namoonni bara seenaa duraa keessa jiraatan beekumsa sirrii ta'e ijaaranii.

Fakkiwwaniifi fakkiwwan akaakuwwan aartii durii ilmaan namaa dallaa holqichaa akka kansaatti fayyadamuun of ibsuuf shaakalan turan.

Bara Seenaa Duraa: Baroota Paaleyolitik, Mesolitikii Chaalkolitik

Fakkiwwaniifi fakkiwwan yeroo seenaa bakka torbatti ramadamu danda'u.

Yeroo I, Paaleyolitikii Olee; Yeroo II, Meesoolitikiifi Yeroo III, Chaalkolitik. Yeroo III booda yeroowwan walitti aanan afur jiru. Garuu ammaaf marsaa sadan jalqabaa qofarratti xiyyeeffanna.

Aartii Bara Seenaa Duraa (baay'inaan fakkiwwan dhagaafi holqa) baroota Paaleyolitik, Mesolitikii Chaalkolitik Age agarsiisan.

Bara Paaleyolitikii

Paaleyolitikii Olaanaa keessatti sochii aartii baay'atee argina.


Dhimmi hojiiwwan jalqabaa fakkiwwan namaa salphaa, sochiiwwan namaa, dizaayinoota ji'oometirii mallattoolee qofa irratti daangeffaman.

Fakkiwwan asitti argaman bakkawwan sadiitti qoodamu danda'u. Isaanis, Nama, Bineensaafi Mallattoolee Ji'oometirii.

Amaloota fakkiwwan jalqabaa kanneen keessaa muraasni: Dhalli namaa bifa ulee fakkaatuun bakka bu'a. Sararoonni dalgee, dizaayinoota ji'oometirii reektaangulaarii guutamaniifi gareen tuqaawwaniis mul'achuu danda'u. Fakkiwwan ol kaa'uu: Inni jalqabaa Gurraacha, jidduun diimaafi boodarra adiidha.

Bara seenaabeessa dhumaa, seenaabeessa jalqabaafi Niyoolitikii keessatti matadureewwan fakkiwwanii guddaniifi fakkiwwan akka re'oota, arbaa, hoolota, fardeen, namootaa arguu jalqaban. Kun guutummaatti haftee Paaleyolitikii Meesoolitikiidha.

Tulluwwan Oromiyaatti iddoowwan guddoon fakkiwwan seenaa duraa gaarii ta'an 127 jiru: Dhaloota Kiristoos dura bara 1500, 3000-5500 umrii dheeraa kan qaban ittifufiinsa aadaa



yeroo dheeraa ta'ee ilaalama.

Gaaddisa dhagaa gara 127 ta'u kan kilaastara shan keessatti argamu of keessaa qaba. Fakkiwwan Oromiyaafi addunyaa durii keessaa tokko Paaleyolitikii Gubbaati. Fakkiwwan bakka bu'iinsa sararaawaa, diimaa dukkanaa'aa, fakkiwwan bineensota guguddoo, kanneen akka, qeerransa, arbaa, leencaafi gadamsa fakkiwwan namaa ulee fakkaatu cinatti. Caalaansaaniis paateenota ji'oometiriiin kan guutamaniidha.

Bara Meesoolitikii Aartii:

Fakkiwwan baay'een kan bara kanaati, Matadureewwan baay'atu garuu fakkiwwan kunniin hangaan xiqqaadha. Mul'atni adamsuu baay'inaan mul'ata. Adamsitoonni gareedhaan eeboo ejersaa hidhatanii ulee, xiyyaafi xiyya akeeku turan. Kiyooofi kiyooowwan bineensota qabachuuf ittifayyadaman fakkiwwan tokko tokko irratti mul'achuu danda'u.

Namoonni Mesolitik bineensota akeeku ni jaalatu turan. Suuraalee tokko tokko irratti bineensonni dhiira ari'aa kan jiran yoo ta'u, kaanirratti ammoo namoota adamsitootaan ari'amaa jiru.

Bineensonni akkaataa uumamaatiin kan dibaman yoo ta'u, namoonni haala istaayiliitiin fakkeeffamaniiru. Dhiirotni uffata adii uffachuun kan dibamaniidha.

Dargaggooniifi maanguddoonni fakkiwwan keessatti bakka walqixa argatu. Shubbisni hawaasaa mataduree waloo ni kenna. Jireenyi maatii gosa fakkiwwan tokko tokko (dubartii, dhiiraafi ijoollee) keessatti mul'achuu danda'a.

Bara Chaalkolitikii Aartii

Aartii bara sibiila diimaa. Fakkiwwan bara kanaa waldaa, qunnamtiifi waljijjiirraa ulaagaalee jiraattonni holqa naannawichaatti qubatan kan lafa diriirraa Oromiyaa waliin qaban mul'isu. Meeshaaleen dhooftuu supheefi sibiilaa fakkiwwan irratti mul'achuu danda'u.

Garaagarummaa fakkiwwan dhagaa: Ifaafi lubbuun bara durii fakkiwwan kanarraa ni bada. Amaloota waliigalaa fakkiwwan Seenaa Duraa keessaa muraasni (qorannoo fakkiwwan Oromiyaa irratti hundaa'uun); Halluu fayyadaman, golgaawwan adda addaa adii, diimaa, gurraacha, bunni, burtukaanaafi keelloo dabalatee.

Garuu halluu adii diimaan kan isaan jaalatan ture. Faayaan namoonni kun ittifayyadaman dhagaa halluwwan adda addaa qabu cicciruudhaan kan hojjetamaniidha. Adiiin dhagaa nooraarraa ta'uu hinoolu. Wantoonni maxxanan tokko tokko kanneen akka cooma bineensotaa ykn gogaa mukaarraa argamu yeroo daakuu dhagaa

bishaan waliin makaman fayyadamuun ni danda'ama.

Buruushiin faayibar biqiltootarraa hojjetame. Halluwwan kunniin sababa walnyaatinsa keemikaalaa oksaayidii dhagaa irratti argamu irraa kan ka'e waggoota kumaatamaan lakkaa'aman akka turan ni amanama.

Fakkiwwan holqa dhuunfatameefi hinqabne irraa argameera. Fakkiwwan kunniin yeroo tokko tokko akka mallattoo, akeekkachiisaafi kkf gosa tokkoottis ittifayyadamaa turan jechuudha.

Bakkeewwan aartii dhagaa fakkii haaraa kanaa hedduun fakkii durii gubbaatti dibamaniiru. Aartii Dhagaa giranaayti Goda Roriso, keessatti fakkiwwan looniifi tiksiteesaniis 150 fakkiwwan biroo gara marsaa 17tti dhiyaatan tokko isa kaan irratti arguu dandeenya.

Guddina dhala namaa yeroorraa gara yerootti suuta suutaan agarsiisa. Fakkeenyummaan sun hafuura xiqqoo wajjin kaka'umsa uumamarraati. Fakkiwwan baay'ee muraasaan yaada (bakka bu'iinsa dhiirota uleedhaan akka fakkii).

Fayyadama paateenota ji'oometirii hedduu. Mul'atni irra caalaa adamsuufi jireenya dinagdeefi hawaasummaa namootaa ture. Fakkiin biqiltootaa, bineensotaa, namaa, uumamtoota sheekkoo, gaariifi kkf ilaaluun ni danda'ama. Halluu diimaafi adii barbaachisummaa caalu.

Aartii Dhagaafi Fakkiwwan Holqoota Oromiyaa Keessaa

Aartiin dhagaa fakkiwwan holqa keessa hambaalee abbootiin keenya durii nuuf dhiisan keessaa isa tokko. Fakkeenyummaasaa keessa ilaaluun sammuu namoota waggoota kumaatamaan dura jiraatan keessa ilaaluu dandeenya. Aartiin dhagaa bara addunyaan baay'ee adda turtetti, gara yeroo Gibxiin qaroomina guddaa lafarra jirutti nu deebisuu danda'a.

Yeroo sanatti namoonni giddugala Sahaaraatti aartii dhagaa dibu turan. Yeroo sanattis garuu fuulli dhagaa qullaa ta'uurras fagoo ture. Fakkiwwan kunniin bara Oromoon ijaarsa sammuu qoroomina sirna dimokraasii addunyaa kana sirna Gadaa abuurree (uume) addunyaaf itti gumachee gara waggaa 6,000 turerratti fakkii kaasaa turan ta'uu danda'a.

Duudhaalee guguddoon akkanaa dhibbaan lakkaa'aman, nama yeroo fudhachuuf fedhii qabu kamiinuu akka hinarganneef dhagaa Oromiyaarratti hafaniiru. Kuusaa kana daawwachuun qabeenya keenya gurguddoo diimameefi bocame tokko tokko isin beeksisa, garuu jechooniifi fakkiwwan waan bakka bu'aa dhugaati.

Naasir Ahmadiin (qorataa holqaa)

Ittifufu

Qarreefi Qeerroo

Birqee Gasse: Shamarree qaxalee hojii humnaa hojjechaa Ingiliffaan qabxii 3.943 galmeessiste

Waasihun Takileetiin

Akkuma warqiin abiddaan qoramee faaya gatiyabeessaafi miidhaginaa ta'u, dhalli namaa bu'aa ba'ii hadhaa'aa keessa darbee gara jireenya milkaa'inaatti ba'uunsaa waan oolu miti. Kanaaf hadhaa'aan jireenyaa qoraasuma dhalli namaa ittiin ulamee urgaa'u, ichima dhalli namaa ittiin dandeettiisaa cimsuun faajjii injifannoo dhuunfatuudha.

Addunyaan kun bubureedha, kaan simattee duuniyaan badhaasti; kaanimoo jifattee gadadoodhaan dhamaasti. Kan kutannoodhaan hadheeffatee qabsaa'e tulluu hiyyummaa yoo diigu, kan abdi kutatee hiyyummaaf harka kennatemmoo dhufaa darbaa harka namaa ilaalchisuunshee waan oolu miti.

Dureessi biyya Chaayinaa Jaakmaa Aliibaabaan maatii harkaqaal'eeyyirraa kan dhalateefi baratee lafa hiriyaansaa qaqqabe ga'uuf daran dhaama'us, irra deddeebbiin kufus abdi kutannaa isa mudateen nama hinta'u jedhee mul'ata jijjiiramaa isa keessa jiru hinmaseensine.

Akkuma yoo kun cabe kanaan jedhamu mul'ata jijjiiramaa keessasaa bule milkeeffachuuf kufee ka'ee, bu'ee ba'ee har'a dinagdee addunyaa raasuu danda'u dhuunfatee hiyyummaa seenaa gochuun dhalootaafis ta'e biyyaaf kanamalees addunyaa birootiif fakkeenya ta'aa jira.

Dubbistootaa, seensa barreeffama keenyaa kana keessatti waa'ee gatiyabeessummaa albuuda warqii kaaneerra. Warqiin albuudota gati jabeessa abidda keessa darbee gatiinsaa daran olaanaa ta'eefi miidhaginaaf barbaadamuudha.

Maxxansa keenya Fuula Qarreefi Qeerroo kanaan waa'ee shamarree hadhaa'aafi gubaa jireenyaa hedduuf osoo hinjilbeeffatiin miira nidanda'amaafi mul'ata jijjiiramaa keessashii buleen kuftee ka'aa hadhaa'aa jireenyaa mogolee nama buusu hurreessuun dargaggoota birootiif faajjii injifannoofi ibsaa tulluurraa ta'aa jirtuu isin dubbisiisna; waa'ee Shamarree Birqee Gasse.

Shamarree Birqeen Abbaashee qonnaan bulaa Gasse Jabanaafi Harmeeshee Aadde Xaafashee Atoomsaarraa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa, Aanaa Coomman Guduruu, Ganda Gabatee 01 dhalatte.

Yeroo umriinshii barnootaaf ga'us harkaqaal'ummaarraa kan ka'e ishee barsiisuu waan hindandeenyeef gara Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Saasigaa, Ganda Lalisaa Bareedaa Mana Barnootaa Sadarkaa 1ffaa Lalisaa Bareedaa jedhamutti kutaa 1ffaa hanga 8ffaa walakkeessaatti eessumashii bira teessee barachuu kaasti.

Sana booda kutaa 8ffaa seemistara 2ffaa Mana Barumsaa sadarkaa 1ffaa Walqixxee Guddannaatti ministirii fudhattee avereejii 82 galmeessisuun gara kutaa 9ffaatti darbuu himti.

Maatii bira erga dhuftee hadhaa'aan jireenyaa daran itti hammaachuu kan kaastu Shamarree Birqeen, yeroo boqonnaasheetti hojii humnaa hojjechaa



Kaleessa jireenyi gadi ishee qabee achi jirtaashiillee kan gaafatu dhabamee dagatamtee turte. Gaafa guyyaan ga'u har'a ibsaa tulluurraa taatee ofirra dabartee dargaggoota moodeela irraa baratamu taate

nama boruu ta'uuf miira kutannootiin carraaqaa turte.

Barnootashii kutaa 9ffaafi 10ffaa Mana Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Gabateetti (Aanaa Guduruu) kan baratte yoo ta'u, qophaa'ummaa ammoo Kombolchatti hordofte.

Jireenyi gadadoo manatti ganamuma ishee qabe ammas daran hadhaa'aa waan ta'aa dhufee qabsoo jalqabde milkeeffachuuf yeroo boqonnaasheetti hojii humnaa (dhagaa baachuun), armaataa guutuun nyaata, dhiyeessiiwwan barnootaafi kiraa manaa of danda'aa imalashii ittifufuu dubbatti.

Shamarree Birqeen kutaa 1ffaarraa kaastee hanga 8tti sadarkaan cimtuu ta'uu yoo kaastu, wayita sadarkaa 2ffaa hanga qophaa'inaa barattus hojii humnaa ijaarsi manaa gaggeeffamu hojjechaa

dhiyeessiillee barnootaa bitachaa bari'uu lafaa eegaa turuu himti.

Wayita dhagaa baachaa, biyyoo guuraa hojii humnaa hojjetta turtetti dhukkuba kaleefillee saaxilamuu eertee, mul'atnikoo osoo hinmilkaa'iin karaattan hafa laata ilaalchi jedhus ishee hubaa turuu dubbatti.

Kanaafimmoo sababa kan ta'eef wayita wal'aansa kaleetiif mana yaalaa deemtutti kaleenshii hubamuu hanga oppireeshinii ta'uuttillee deemu akka danda'u isheetti himamuus ni kaasti.

Hadhaa'aan jireenyaa kanishee qoraa ture Birqeen, osoo rakkoo kanaaf hinjilbeeffatiin kutaa 12ffaa gargaarsa maatiifi firaan ala dhukkubashii danda'aa qabxii 366 fiddee Yunivarsiitii Asoosaa seentee barumsa dhaabbata olaanaa eegaluuuf carroomtus maaliinan deema? Eenyutu nagargaara? Gaaffiin jedhu sammushii qoraa turuu nutti himteetti.

Egaa akkuma osoo goondaan hindhuufin daaraa sararatu jedhamu hamma yunivarsiitiin waamicha taasisuufiitti hojii humnaa baadiyyaa keessa deemtee guyyaatti qarshii 70 walitti qabachaa wantoota muraasa ishee barbaachisan guuttattee jireenya gadadoo dukkanaa'aafi hadhaa'aa fuuldurashiitti tulluu ta'ee mul'ataa tureen wal'aansoo qabuuf karaa buute.

Akkuma Iyyaarikoon iyyaan diigame jedhamu tulluun hiyyummaa durakoo dhaabate cichanii tattaaffachuudhaan hurraa'uu akka danda'u beekkeen mudhiikoo hidhadhee maatii harkaqaal'eessa addunyaa kanatti ishee fidetti nagaa dhaammachuun imalashii gara Naannoo Beenishaangul Gumuz, Magaalaa Asoosaa, Yunivarsiitii Asoosaatti taasisti.

Birqee jireenya badhaadhaa jiraachuun mul'atashii ta'us akkuma kan manaa naqabe ari'ee naqaqqabe jedhamu

hiyyumni mogolee ishee gaadi'ee karaatti ishee hambisuuf sakaallaa itti ta'e erga yunivarsiitii seentees biraa hinhafne, ittuu hammaachuun qormaata itti ta'e.

Ta'us miirri kutannaa ishee keessa jiru daran olaanaa waan ta'eef harkakennachuurra yeroo boqonnaasheetti hojii humnaa hojjechaa turtii yunivarsiitii miidhagsuuf kuftee ka'aa turte.

Sanbataafi Dilbata hojii humnaa hojjechaa yeroo kan barnootashii hordofaa olka'insashii eegaa turte. Kaleessa jireenyi gadi ishee qabee achi jirtaashiillee kan gaafatu dhabamee dagatamtee turte. Gaafa guyyaan ga'u har'a ibsaa tulluurraa taatee ofirra dabartee dargaggoota moodeela irraa baratamu taate.

Birqeen seenaa addaa hojjechuun harka tokkoon barnoota isa kaaniin tulluu deegaa diigdee kabajaaf geesseetti. Qondaaltonni mootummaa adda addaafi Pirezidaantiin Yunivarsiitii Asoosaa hoggantoota Muummee Ingiliffaarraa badhaasa olka'inashee mul'isu, meedaaliyaawwan lamaafi waancaa tokko akkasumas bilbila ismaartii dhuunfateetti.

Akka hayyoonni jedhanitti, hiyyumni hiyyuma caalu hiyyuma sammuu. Kan Shamarree Birqee qoraa ture garuu hiyyummaa sammuu osoo hintane kan duuniyaa ture.

Maatiinshii ijoollee torba qaban keessaa barnoota baratee kan milkaa'e ishee qofa ta'uu kaastee, warreen kaan abdi kutannaarraa kan ka'e barnootasaanii addaan kutanii ammallee baadiyyaatti jireenyaan wal'aansoo walqabaa jiraachuu himti.

Shamarreen tun Sanbataafi Dilbata hojii humnaa hojjechaa barnootashee Yunivarsiitii Asoosaarraa sagantaa idileetiin barana sadarkaadhaan xumurtee, badhaafamte.

Guyyaan eebbashii kun isheef boqonnaa jijjiiramaa ijishii tokko jedhee milkaa'ina arguu jalqabe yoo ta'u, Muummee Ingiliffaarra qabxii olaanaa, 3.943 galmeessiste.

Qabxiin isheen galmeessiste kun waan addaa ta'uusaatiin Yunivarsiitiin Asoosaa digrii lammaffaa akka barattuuf carraa kan kenneef yoo ta'u, iskoolaarshiippiinis kan kennameef ta'uu dubbatti.

Kaleessa eenyuyyuu shamarree tana hinbeeku ture. Har'a garuu bakka hayyoonniifi hawaasni Yunivarsiitii Asoosaa, akkasumas qondaaltonni mootummaa argamanitti badhaasa injifannoo fudhatteetti, beekantiis goonfateetti.

Dhumarrattis jireenyi qabsoodha kan jettu Shamarree Birqeen, dargaggoonni haala keessa jiraniin otoo abdi hinkutatiin ykn hingufatiin gara milkaa'inaatti ce'uuf tattaaffachuu akka qaban gorsiti. Keessumaa warri barnootasaanii xumuranii eebbifaman hojii barbaacha yeroosaanii gubuun maatiitti ba'aa ta'uurra miira hojii tuffannaa keessaa ba'anii hojiin milkaa'uun akka danda'amu narraa barachu qabu jetteetti.

ODUU

Sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin namoota kuma 700f carraan hojii uumameera

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Sagantaa Ashaaraa Magariisaan namoota kuma 700 carraan hojii uumamuu Ministeerri Qonnaa beeksise.

Ministeerichatti Daarektara Qabeenya Uumamaa kan ta'an Obbo Tafarraa Taaddasaa ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, ashaaraan magariisaa gama dinagdeen faayidaa kallattiifi alkallattii hedduu qaba. Sagantichi karaa qindaa'een eegaluunsaa reefu waggaa shan ta'uusaatiin bu'aaleen eegaman caalaatti fuulduratti kan mul'ataniidha. Ammattis sagantichaan buufataalee biqiltuuratti hojii biqiltuu kunuunsuu, kompoostii qopheessuu, horsiisa kanniisaafi kunneen birootiin carraa hojii uumuun danda'ameera.

Gama wabii midhaan nyaataa mirkaneessuutiin Sagantaan Ashaaraa Magariisaa shoora olaanaa qabaachuu ibsanii, sagantichaan biqiltoonni kuduraafi muduraa baay'inaan akka dhaabbataniif xiyyeeffannoon addaa itti kennamee



Biqiltuwan dhaabamaa jiran

hojjetamaa jiraachuu himaniiru. Gabaan ho'aa jiraachuufi kunis galii biyyattii gurgurtaa kaarboonis biyyattii keessatti dabaluu keessatti shoorasaa akka ba'atu

gargaaruu ibsaniiru.

Dabalataanis, dhiqama biyyee ittisuun omishaafi omishtummaa qonnaa dabaluu qoodni ashaaraan magariisaa qabu guddaa akka ta'e daarektarichi himaniiru.

Gama dippilomaasiitiinis Itoophiyaan sagantichaan rakkoo idil addunyaa kan ta'e rakkoo jijjiirrama qilleensaa hir'isuuf hojjechaa waan jirtuuf michoomafi fudhatamummaa biyyattii dabaluuufis sagantichi faayidaa akka qabus dubbataniiru.

Akka ibsa Obbo Tafarraatti, biyyattiin saganticha karoofatee hojiitti hiikuun milkoofti jirti, milkaa'ina kanaaf ammoo xiyyeeffannoon qondaaltota olaano biyyattiitiin kenname iddoo olaanaa qaba. Kanarraa kan ka'e Itoophiyaan hojii addunyaa dinqisiisu hojjechuu dandeesse jirti. Hawaasa idil addunyaa biratti sagantichi fudhatamummaa guddaa waan argateef deeggarsi dhaabbilee miti mootummaa biyya keessaafi biyya alaas daran kan nama boonsudha.

Paarkii Indastirii Jimmaa bara dhufu guutummaatti hojii eegala

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Paarkii Indastirii Jimmaa bara dhufu guutummaatti hojii kan eegalu ta'uun ibsame.

Gaggeessaa Hojii Olaanaan paarkichaa Obbo Tasfaayee Likkiisaa ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, paarkichi bara 2011 erga eebbifamee booda Kaampaanii Chaayinaa abbaan qabeenyummaasaa murtaa'e tokko waliin walii galtee mallatteesseera. Kaampanichi waggoota lamaaf hojii omisha huccuufi kophee hojjechaa erga turee booda sababoota akka weerara dhibee koronaa, dhorkamuu fayyadama gabaa bilisaa (AGOA)fi kanneen birootiin walqabatee waligaltee adda kutee hojii dhaabuun hojjetootasaa bittinneessera. Haa ta'uu, malee kaampaaniin kun wayita hojiirra turetti namoota kuma tokkoofi 500f carraa hojii uumee tureera.

Yeroo ammaa kana paarkicha keessatti dhaabbanni biyya Hindii tokko zayita avokaadoo omishee gara biyya alaatti ergaa jiraachuu himanii, bara bajataa 2015tti zayita avokaadoo gara alaatti erguun doolara Ameerikaa miliyoona tokko argamsiisuun alatti namoota 300f carraa hojii uumuusaa dubbataniiru.

Gara fuula 14tti

Imala waggoota sadii turizimii naannichaarratti jijjiirama qabatamaa fidaa jiru

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Komishiniin Turizimii Oromiyaa (KTO) waggaa sadan har'aa kan hundaa'e yoo ta'u, yeroo kana keessattis qormaatawwan kanneen akka weerara Koviid-19, waraana idil addunyaafi biyya keessaatiin qoramus jijjiirama qabatamaa damicharratti fidaa jiraachuudha komishinichi kan ibse. Imala waggoota sadii komishinicharratti miidiyaaf ibsi kennameera.

Komishinariin KTO Lalisee Dhugaa ibsa kennaniin akka jedhanitti, komishinichi erga hojiitti seenee reefuu waggoota sadii ta'uus yeroo kana keessatti galiin qarshii biliyoona 15 argamuufi baay'inni turstii biyya keessaafi alaa miliyoona 9.5 qaqqabuu ibsaniiru. Keessumaa gama yaa'insa turistiitiin lakkoofsi turstii biyya keessaa yeroodhaa yerootti dabalaa jiraachuufi turistoanni biyya alaa kuma 235 ta'an biyya alarraa dhufuun naannicha daawwachuu himu.

Waggoonni sadan xumuraman kanneen komishinichi akka marsaa tokkooffaatti kan qabatee hojjetaa ture ta'uu kaasanii, boqonnaa imala haaraa ittiin jalqabamu ta'us ibsu. Fuuldurattis hojiin turizimii naannichaa guutuutti garasaaniitti waan dhufuuf bu'aa caalu galmeessuuf xiiqiifi kutannoodhaan hojjetama jedhaniiru.

Gama turizimiitiin Oromiyaarratti tiraansifoormeeshinii dijitaalawaa dhufuu eeranii, qabeenya turizimii naannichi qabu karaa dijitaalatiin namoota beeksisuun danda'amu kaasanii, keessumaa hojiin 'Visit Oromia' waliin walqabatee hojjetame akka fakkeenyaatti kan ka'u ta'uu eeru.



Bitaa gara mirgaatti Injinar Biranuu, Komishinar Laliseefi Obbo Naggaa

Misooma hawata turizimiin walqabatee waggoota shan keessatti bakkeewwan hawataa 10 misoomsuufi torba ammoo kanneen jiran haareessuuf karoofamee, pirojektii maaddiin biyyaaf jedhuun hojii Haroo Wanciiratti hojjetamu dabalatee bakkeewwan haaraa sadiifi haareessa afur hojjechuu ibsu.

Akka ibsa komishinariin kanaatti, gama carraa hojii uumuutiin waggaa shan keessatti demee turizimiitiin carraa hojii kuma 500 banuuf karoofamee haala biyyaafi addunyaarraan kan ka'e hamma karoofame hojjetamuu baatus kallattiidhaan kuma 30fi alkallattiin kuma 200 oliif carraa hojii uumuun danda'amu dubbatu.

Komishinari Ittaanaa Komishinichaa Naggaa Wadaajoo gamasaaniin, KTO

erga hundeeffamee hojiiwwan ijoo shan jechuunis; misooma hawata turizimii, gabaa turizimii beeksisuufi dhaadheessuu, dijitaalaaizeeshinii, michoominaafi maddisiisa leecalloo akkasumas gahumsa dhaabbilee turizimii mirkaneessuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachu himu. Kanneen keessaas leecalloo gara miliyoona 130 ta'u walitti qabamuuf yaalamuufi kanaanis Magaalaa Bishooftuutti Wiirtuu Ga'oomina Turiistii Mootummaa Jarman waliin ta'uun ijaaruu karoofameera.

Gama dijitaalaaizeeshiniitiin mosaajiiwwan addaddaa misoomsuun ifoomsuu, suurawwan kuma torba ta'an moosaajiiwwan irratti fe'uufi kuma 300 guutuu Oromiyaarraa walitti qabuu danda'amu dubbatu.

Gara fuula 14tti

ODUU

“Dhageettii...”

mallatteessuushee himaniiru. Itoophiyaan garuu miseensa gamtaa feete ta'uufi waan feete murteeffachuuf karaa dheeraan akka ishee hafu ibsaniiru.

Itoophiyaan gamtaafi biyyoota kami waliin yoo tarkaanfate dantaashee gonfachu dandeessi kan jedhu imaammata sirriin lafa kaa'amu qaba kan jedhan hayyuun kun, gaaffii miseensummaa 'BRICS' Itoophiyaan dhiyeessiteef fudhatammaansaa dhimma gara fuulduraatti murtaa'u ta'us hariiroon warra Dhihaa waliinii garuu dhimma murteessaa ta'uu hubachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, kaayyoon gurmuu 'BRICS' dhiibbaa dinagdee warra Dhihaa maqsuudha. Miseensi gurmuu kanaa Biraaziliifi Indiyaan michoota jaboo warra Dhihaa ta'uunsanii imala gurmuu kanaaf qormaata guddaa ta'uunsaa waan hafu miti. Gurmuun kun of danda'ee dhaabbachuuf waan baay'eetu isa hafa waan ta'eef dhawataan of danda'ee sirna jabaa diriisaa deemnaan biyyoota moora warra Dhihaa jala jiran jajjaboon baasuunsaa waan hinolleef warra Dhihaaf dhukkubbii mataa ta'uu mala jedhu.

Yeroo ammaa biyyootni dinagdee jabaa qaban kanneen akka Sawud Arabiyaa, Imireetii Araboota gamtoomaniifi Aljeeriyaan miseensa gurmuu kanaa ta'uuf abbalaa jiraachuus eeraniiru.

Imala waggoota sadii...

Daarektari Olaanaa 'Ijaa Developers' Injinar Biraanuu Tasfaayee gamasaaniin, dhaabbati Ijaa abbootii sheerii shaniin qarshii biliyoona afuriin hundeeffamuu kaasanii, erga hundaa'e waggaa tokko ta'uufi keessumaa misooma haaromsa bakkeewwan hawata turizimirratti jalqabbi

gaariirra jiraachuu himu.

Kaayyoon hundeeffama dhaabbatichaas, paarkiiwwan ijaaruu, wiirtuuwwan kalaqaa babal'isuu, riil isteetiwwan ijaaruufi dhaabbata 'tour and travel' sadarkaasaa eeggate hundeesuu ta'uu eeru.

Paarkii Indastirii...

Kana malees, dhaabbileen biyya keessaafi alaa gara paarkichaatti seenanii hojii eegaluuf maashinii dhaabuufi sochii adda addaa taasisaa akka jiranis ibsaniiru.

Paarkichi istandaardii idil addunyaan waan hojjetameef abbootii qabeenyaa simachuu akka danda'uufi abbootiin qabeenyaa gara paarkichaatti seenaa jiranis irra jireessaan bu'aalee qonnaa qindeessuurratti fedhii olaanaa kan qaban ta'uu ibsaniiru.

Carraa gaarii paarkichaan walqabatee iddoon argamasaa kanaa iddoo qabeenya bu'aalee qonnaa kanneen akka dammaa, bunaafi kanneen biroo baay'inaan itti

argaman ta'uusaatin bu'aalee qonnaa qindeessuurratti dhaabbileen bobba'an baay'ee bu'a qabeessa ta'uu akka danda'an dubbatu. Paarkichi bu'uraalee misoomaa kanneen akka ibsaa, bishaanii, intarneetii fi kaameeraa nageenyaa kan maashinoota gurguddoo sochoosuuf gargaaran hundaas kan guuttate ta'uu eeru.

Paarkichi guututti gara hojiitti yeroo galu carraa hojii namoota kuma shanii hanga saddeetii kan uumu yoo ta'u, sheediwwan sagal paarkichi qabu keessaa hanga ammaatti lama qofti abbootii qabeenyaan qabamuu Obbo Tasfaayeen dubbataniiru.

Tumsi Baankiin...

doolaara miliyoona sagal gumaachuu dubbataniiru.

Hayaashii Yoshiimaasaa deeggarsa Jaappaaniin ijaaramaa kan jiru Giddugala Falaasama Kaayizanii daawwachuun alatti Itoophiyaa waliin damee daldalaa, investimantiifi industiriirratti hojjechuuf waliigalaniiru.

Dooktar Abiyyi gamasaaniin, Ajaayi Baangaa waliin marii bu'a qabeessa taasisuu himanii, Baankiin Addunyaa walitti dhufeenya Itoophiyaa waliin qabu bal'isuun, keessattu guddina dinagdee biyyattii beekumsa biyya keessaarratti hundaa'een saffisiisuuf deeggarsa roga maraa taasisuuf waadaa galuusaa ibsaniiru.

Oromiyaan qonnaan...

naannichaa beeksise.

Hogganaan biiricha Obbo Hayiluu Addunyaa karoora bara 2016 ilaalchisee ibsa kaleessa miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, mootummaan naannichaa bara 2016tti guddina dinagdee naannichaa gara saddeetti guddisuuf karoofateera. Karoora kana milkeessuufis ammoo tajaajila mootummaa dijitaallessuufi paarkiiwwan industirii humna guutuun hojjiitti galchuuf xiyyeeffannoo addaan ni hojjetama.

Karoorichi kan xiiqqi ta'uu himanii,

misooma baadiyyaatiin hojiileen akka wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, alergii guddisuu, omisha alaa galu hambisuufi carraa hojii uumuu hojiilee ijoo tarsimoo misooma baadiyyaan galmaan ga'uuf karoofaman ta'uu ibsu.

Bara omisha 2015/16tti lafa hektaara miliyoona 8.2 midhaan akaakuu garaagaraan uwwisuun callaa kuntaala miliyoona 265 argachuuf hojjetamaa jiraachuu eeranii, keessattuu inisheetivii misooma qamadii milkeessuuf xiyyeeffannoo addaan hojjetaa

jiraachuufi omisha jal'isii qamadiitiin lafa hektaara miliyoona 2.5 misoomsuun qamadii kuntaala miliyoona 100 ol argachuuf karoofamuusaa dubbataniiru. Misooma ruuziifis lafa hektaara miliyoona tokko irraa omisha ruuzii kuntaala miliyoona 44 argachuuf kan karoofame ta'uu hogganaan kun ibsaniiru.

Karoora misooma qonnaa milkeessuuf hojiileen makanaayizeeshinii qonnaa barbaachisoo waan ta'aniif baay'inni tiraaktarootaa kuma ja'aafi 178 irraa gara

kuma torbaafi 350tti guddisuun dabalata namoota miliyoona 3.1 carraa hojii uumuuf hojjetamaa jiraachuu hubachiisaniiru.

Gama fayyaatiin baay'ina farmaasii hawaasaa 220 irraa gara 320tti guddisuun lakkoofsa fayyadamtoota tajaajila inshuraansii fayyaa miliyoona 26 irraa gara miliyoona 29tti guddisuuf kan hojjetamu ta'uus himaniiru.

Galii naannichi waliigalaan qarshii biliyoona 141 sassaabuuf karoofachuus ibsaniiru.

“Hojii Ministeerri Barnootaa...”

Ministeerichi rakkoo qulqullina barnootaa furuuf bara darberraa kaasee qormaanni biyyaalessaa kutaa 12ffaa yunivarsiitiwwan keessatti akka kennamu taasisera. Qormaatiichi yunivarsiiti keessatti akka kennamu ta'uun hanna qormaataa hambisuun qulqullina barnootaa fooyyessuu, haalli mijataan jiraatus jiraachuu baatus barataan qayyabatee qormaataaf akka of qopheessu taasisera jedhu.

Akka walittiqabaan korichaa jedhanitti, barattoota bara darbe qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa fudhatan keessaa kan qabxii seensa yunivarsiitii fidan muraasa ta'uun barattootaafi barsiisotaaf ergaa guddaa dabarseera. Barattoonni qayyabatani qormaataaf akka of qopheessan, barsiisonnis barattootasaanii qormaataaf akka qopheessan taasisaa jira. Hoggansi manneen barnootaas akka of ilaalaniifi galteewwan barnootaa guutuurratti akka xiyyeeffatu taasisera.

Gara fuulduraatti qormaanni biyyaalessaa kutaa 12ffaa meeshaaleefi teknoloji barbaachisu guutuun manneen barnootaa

keessatti akka kennamuuf xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qaba. Manneen barnootaa baadiyyaa keessa jiranis tajaajila humna ibsaafi intarneetii akka argatan taasisuunis dhimma xiyyeeffannaa guddaa barbaadu ta'uu eeraniiru.

Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa biyyattii keessa % 85.9 sadarkaadhaa gadi yoo ta'an, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessaa ammoo %70.9 sadarkaadhaa gadi. Barsiisonni akaakuu barnootaa barsiisan qoramani darbuu dadhabanis danuudha. Kun qulqullina barnootaa fooyyessuurratti dhiibbaa guddaa waan qabuuf hojiin qulqullina barnootaafi sadarkaa manneen barnootaa fooyyessuu oolmaa daa'immaniirraa eegalee xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu kan qabu ta'uu himaniiru.

Ministeerichi barana qormaanni bah'iinsaa digirii tokkoffaa yunivarsiitii mootummaafi dhuunfaa keessatti akka kennamu taasisuu eeranii, kun qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaatti aansee qulqullina barnootaa mirkaneessuurratti jijjiirama guddaa fida

jennee amanna.

Qulqullina barnootaa fooyyessuuf manneen barnootaa dhuunfaa tokko tokko imaammata barnootaa mootummaan baase baqachuuf jecha ulaagaa barbaachisu utuu hinguutin maqaa 'International' jedhu maxxanfatanii hojjetanirratti qorannoo taasisuudhaan tarkaanfiin seeraa irratti fudhatamaa jira. Qulqullina barnootaa fooyyessuuf imaammata barnootaa haaraa ba'e sirriitti hojiirra oolchuun dhimma murteessaadha ta'uus dubbataniiru.

Barsiisaa dandheetii qabuufi qulqullina barnootaa eegsisuurratti xiyyeeffatee hojjetu baay'inaan horachuuni qulqullina barnootaa fooyyessuu keessatti gumaacha olaanaa qabaachuu eeranii, barsiisonni kanneenis faayidaa isaaniif malu argachuu, bakka isaaniif malu jiraachuu, mindaa isaaniifi maatiisaanii jiraachisuu danda'u argachuufi mana keessa jiraatan argachuu qabu. Barsiisaarratti hojjechuu baannaan waa'ee qulqullina barnootaa yaaduun hindanda'amu. Isa kana jala murree beekuu qabna jedhu.

Bara bajataa 2015tti...

kutaalee biyyattii adda addaa keessatti uumamuufi laafinni hojii kominikeeshinii hudhaalee pirojeektichaa akka ta'an Aade Fiqirteen eeraniiru. Keessattuu Naannoolee akka Affaar, Tigraayifi kutaalee Naannoo Amaaraa tokko tokkotti ummatarraa qarshii walitti qabuuf qormaati tokko tokko waajjiricha mudachu himu.

Ijaarsisaas yeroo ammaa dhibbantaa 91 irra gahee jiraachuufi hojiin ijaarsa sibilaafi makaanikaalii dhibbantaa 76, hojiin ijaarsa haayidiroolikii dhibbantaa 67 xumuramuusaa dubbataniiru.

Hojii hafe xumuruuf hirmaannaan hawaasaa dammaqinaan cimee itti fufuu akka qabu dhaamun, yunivarsiitiwwan, miidiyaan hawaasaa, dippilomaattonnifi hayyoonni sochiifi hubannoo uumuu irratti akka hirmaatan Aade Fiqirteen waamicha dhiyeessaniiru.



BARIISAA



Waaliiyaawwan tapha michummaaf Ameerikaa jiru

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Gareen Kubbaa Miilaa Biyyaaleessaa Itoophiyaa Waaliyaan tapha michummaaf Wiixata darbe gara Ameerikaa kan imale yoo ta'u, kutaa biyyichaa Varjiniyaa qubateera.

Taphichaaf shaakallii irraa eegamu biyya keessattis taasisaa kan ture gareen kun, erga Ameerikaa ga'es qophii irraa

barbaadamu taasisuun dorgommisaa jalqabaa Roobii darbe halkan sa'aatii 8:00 irratti kadeemsifachuun dorgommisaa injifannoodhaan eegaleera. Varjiniyaa istaadiyeemii Seegiraa Filditti kan taphate gareen biyyaaleessaa Itoophiyaa gitasaa Guyaanaa 2fi Odhaan injifateera.

Gareen kun injifachuu kan danda'e goolii daqiiqaa 11ffaafi 76ffaarratti amballiin garichaa Shimallis Baqqalaa galcheeni. Taphichi Waldaa Kubbaa

Miilaa Addunyaa 'FIFA'tiin kan galmaa'ee fi beekamtiin kan kennameef yoo ta'u, jalqabbii dorgommichaarratti Ameerikaatti Ambaasaaddarri Itoophiyaa Doktor Injinar Silashii Baqqalaa argamuun garicha jajjabeessaniiru. Itoophiyaanooniifi dhalattoonni Itoophiyaa magaalicha jiranis istaadeyimicha argamuun garee biyyaaleessaa jajjabeessaniiru.

Waaliiyaawwan turtiisaanii Ameerikaatti

istaadiyeemii Owudii Fiildi kan kilabni Yunaayitid DC taphasaa itti adeemsifatu daawwachuun abbaa gahee kilabichaa kan ta'an abbaa qabeenyaa lammii Itoophiyaa Iyyoob Maammootiin affeeraan irbaataa taasifameeraaf.

Gareen Kubbaa Miilaa Biyyaaleessaa Itoophiyaa Waaliyaan tapha michoomaa ittaanu har'a kilaba Loodon Yunaayitid waliin Istaadiyeemii Seegira Fiilditti kan taphatu ta'a.

Atileetoanni Itoophiyaa Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa 19ffaaf shaakalli taasisaa jiru

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Dorgommii Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa 19ffaa ALA August 19-27 bara 2023 (Hagayya 13- 21 bara 2015) Hangaarii Budaapeestitti taasifamuuf atileetoanni Itoophiyaa fageenya addaddaan dorgoman shaakalasaanii taasisaa jiru.

Atileetoanni korniyaa lameenin fegeenya meetira 800, kumaafi 500, gufachiisa kuma sadii, kuma shan, kuma kudhaniifi maaraatooniin ulaagaa guutan filatamanii hoteela galuun shaakallisaanii Akkaadaamii Ispoortii Itoophiyaatti taasisaa kan jiran yoo ta'u, wayita ammaa atileetoanni shaakalliira jiran fayyaa guutuufi dhaabbii gaariirra jiraachuu Ragaan Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaarraa argame ni mul'isa.

Leenjisa fiigicha fageenya dheeraa Budaapeestii garichaa Komishinari Gargaaraa Huseen Shaboo akka ibsanitti, yeroo ammaa atileetoanni minimaa

guutuun filataman qophii ga'aa taasisaa jiraachuufi qophiin taasifamus karaa itti fufiinsaafi fulla'insa qabuun ta'uu dubbatu. Atileetoanni qaamaanis xiinsammuutiinis ga'oo akka ta'aanif shaakalliisaanii ganamaafi waaree booda taasisaa jiraachuu kaasu.

Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaas atileetoanni, leenjistoanniifi jilli shaampiyoonicharratti hirmaatan hoteela erga seenanii kaasee wantoota barbaachisan hunda guutuun hordoffiifi deggarsa taasisaa jiraachuu himanii, gaggeessitoonni olaanoos bakka shaakallitti argamuun isaan jajjabeessaa jiraachuu himu.

Shaampiyoonicharratti akkuma barame atileetoanni Itoophiyaa miira waldeggaruufi, tokkummaatiin maqaa biyyattii waamsisuun, alaabaa biyyattii waltajjii idil addunyaarratti ni tallisiisu abdiin jedhu jiraachuu leenjisaan kun himanii, seenaan Haayilee, Qananiisaa, Mirutsi, Xirunash, Masaratiifi atileetoota biroo irra deebi'ama jedhamee akka eegamus ni dubbatu.



Atileetoota shaakallii taasisaa jiran keessaa